HAFUURA WAAQAYYOO, HUMNA KEENYA,

KUTAA 1FFAA

JAAKII OOCHIIN KAN QOPHAA'E BY JACKIE OESCH

SEENAA MACAAFA HOJII ERGAMOOTAA KEESSAA

BARNOOTA 1FFAA: YAADA GARAA KEESSANII GEEDDARADHAA TII CUUPHAMAA-GUYYAA SHANTAMMAFFAA
BARNOOTA 2FFAA: MAQAA YESUUS KIRISTOOSIIN-NAMICHA NAAFA TURE
BARNOOTA 3FFAA : MAQAAN KAN BIRAA HIN JIRU- NAMOOTA HIN BARANNE, NAMOOTA AKKASUMAANII, YESUUS WAJJIN
BARNOOTA 4FFAA: DHAQI, DHAABADHUU DUBBADHU-ABBOOMAMUU KUTANNOO QABU
BARNOOTA 5FFAA : NAMICH AMANITIIDHAAN GUUTUU-ISXIFAANOS- ISA WAREEGAME
BARNOOTA 6FFAA: DEEMAA!-FILIIPHOOS, NAMICHA XU'AASHII FI SAA'OL

" … ani sagalee kee garaa koo keessa keewwadheera…" Faarsaa 119:11

Mana maxxansa TEENZPAAWORIIN kan kophaa'e.

www.tenthpowerpublishing.com

Abbaan mirgaa Tajaajila KiroosKonneekti dha©2015

www.crosscm.org

Mirgi isaa seeraan kan eegameedha. Eeyyama barreessaa malee kitaaba kana haala kamiin iyyuu baayisanii raabsuun, garagalchanii(Kooppi godhanii) tamsaasuun dhorkaadha. Nama kitaabich madaal u qofatu kutaa muraasaatti gargaaramee wabii godhachuun itti gargaaramuu danda'a.

Ibsi addaa kennamuudhaa baannaan, barreeffamni kun hudumtuu kutaa macaafa Qulqulluu maxxansa waalta'aa irraa mirgi isaa© 2001 KirooWey,tajaajila maxxansaa sagalee misiraa chuu isa kan Waaqayyoo dhaan kan eegamuu dha. Kun eeyyamaan hojii irra kan fudhatamanii dha.

kalaqaa Inkiweeliin kan bocamee

JALQABUU

Adeemsa jireenya keessan gara fula duraa qajeelchu eegaluuf jirtu. Adeemsi keessan adda kan ta'ee fi fedha guddaa isin hubannaa keessan isan kan kitaaba Macaafa Qulqulluu jedhamuu guddifachuuf qabdanu irraatti hundaa'a. Qo'annoo kanaaf kaka'umsi fi of kennuun keessan dubbii Waaqayyo kara sagalee isaa isinitti dubbatuun jireenya keessan guddisuu fi badhaadhumma jireenya hafuuraa isiniif kenuuf abdii qaba.

Sababii baay'ina meeshaatiif, kutaan Jaalala Waaqayyoo, Jireenya keenya jedhu kun boqonnaa lamatti qoodama.

Yeroo qo'attanu meeshaalee barbaachisoo kana of harkaa akka qabaattanu isin jajjabeessina: Kutaa qo'anno macaafa qulaqulluu kana: Hafuura Waaqayyoo, Humna Keenya- kutaa 1ffaa

1. Macaafa qulqulluu kan hiika waalteffamaadhaan qophaa'e. Hubachiisa: Macaafa Qulqulluu haaraa bitattu yoo ta'e, danda'amnaan kan qabxiilee armaan gadii of keessaa qabu filadhaa
    a. tuqaalee wabii gara walakkeessa xumura fuula fuula kutichaa irraa qabu
    b. Kan xumura yookan gara dugdaaisaa irraa hiika jechootaa qabu
    c. Kaartaa barbaachisaa ta'e muraasa gara dugda isaa irraa kan qabu
2. Iskiriiptoo fi Irsaasii
3. Kaardii yaadannoo kan guddinni isaa 3 x 6 yookaan 4 x 6

Waantoota Lakkoofsa lama jalatti tarreeffaman qopheeffannaan haal milkaa'usa qabuun qo'anoo kutaa kanaa keessa adeemtu. Tarii yeroon yeroo jalqabaaf Macaafa Qulqulluu qo'achuu itti eegaltanu yoo ta'e garuu , mata duree Macaafa Qulqulluu keessa adeemuu jedhuun eegaluu isin barbaachisa. Qo'anoon kun meeshaa qophaa'aa kan ittiin dandeettii keessan cimsattanuu fi barataa macaafa qulqulluu kan ofiti amanamummaa qabu kan isin taasiastu isiniif kenna. Mata duree Macaafa Qulqulluu keessa deemuu(Navigating the bible) jedhamu kun baasii fi rakkina tokko malee marsariitii tajaajila KiroosKonneekti (www.crosscm.org) irraa buufachuun ni danda'ama. Qo'annoon kun ajajamus, milkaa'umsa qo'annoo Araaraa Waqayyoo, Fayyina keenya jedhuuf baay'ee barbaachisaa miti.

Macaaf Qulqulluu keessan irratti halluu addaatiin mallatoo godhachuu hin shakkinaa. Macaafichi kan qo'annoo macaafa qulqulluu keessaniiti. Yaadannoo irratti babarreeffachuudhaan, jala

muruudhaan, halluudhaan calaqqisiisuudhaan, mallatoo geengootiin itti marsuudhaan, xiyya agarsiistuu itti gochuudhaan kan dhuunfaa keessanii godhadhaa. Qo'annoo keessan keessatti, dabatara yaadannoo yookaan meeshaa sagalee waraabutti gargaaramuun yaada keessan, gaaffii qabdanu, sadarkaa adeemsa qo'annoo keessanii kan erra geessan qabachuu ni dandeessu.

Barreeffamni qo'annoo kun kan qophaa'eef dhuufaadhaan ofii keessaniin barachuu isin dandeessanuu dhaafi. Qo'annoo kana naamusa gaariidhaan qoa'achuun barreeffama kana rakkoo tokko malee yookaan rakkina baay'ee salphaa ta'een xumuruuf isin gargaara. Kanumma irratti qo'annoo kana keessatti odeeffannoo haaraa, argattu; beekumsa haaraa qooddatuu; gaaffii ciccimoo ta'an kan deebii barbaadanu gaafattu. Gaaffii qabdanuuf deebee eegaa, namoota isin waliin qo'atanu affeeru sirriitti cimsitanii akka itti yaaddanu isin jajjabeessina.

Qo'annoon kun gammachuu isiniif hakennu. Dubbii Waaqayyo karaa sagalee isaa isinitti dubbatu lapheen keessan akka fudhatu Gooftaan hubannaa isiniif hakennu. Seenaan macaafa qulqulluu kun jaalala Waaqayyoo isa guddaa karaa Ilma isaa Iyyesuus Kiristos Gooftaakeenyaa fi Fayisaa keenyaa isiniif kenname isiniif hamirkaneessu

Yaadachiisa gulaalaa: Akka ifaa ta'utti, qubeen jalqabaa kan jecha Waaqayyoon agrgsiisanuu qub-guddeessaan eegalaa. Fakkeenaaf: "... kan Inni jedhe"

HAFUURA WAAQAYYOO, HUMNA KEENYA

SEENSA

Boqonnaaan qo'anna macaafa qulqullluu duraanii kan Jaalala Waaqayyoo, Jireenya keenya jedhu, ergama guddaa Maatewoos boqonnaa 28:18-20 keessatti Yesuus bartoota Isaatti kenneen xumurame. Yesuus akkas jedhe, "Aboon hundinuu Waaqaa fi lafa irratti anaaf kennemeera, gara macca hundumaa deemaatii, maqaa Abbaa, maqaa Ilmaa fi maqaa Hufuura Qulqulluu sadan Waaqayyo tokkootiin isaan cuuphaa, waanan isin abboome hundumaa akka eeganu isaan barsiisuun bartoota koo isaan godhaa. Kunoo Ani immoo amma dhuma biyya lafaatti yeroo hundumaa isinnwajinan jiraa." Dhaqanii cuuphanii, barsiisanii bartoota gochuudhaan waan eegaluuf, macaafni hojii ergamootaa, seenaa waldaa kristaanaa isa jalqabaa ti. Kana hundumaa

Isa isaan ergeef abboomamuudhaan hojjetani.. Hojii ergamootaa, macaafa isa lammaffaa, barreessaa wangeela Laaqaas isa Tewofiloosiif, waa'aan waan barsiifamee isa sirrii ta'e akka beekuuf barreesseen kan barreeffamee dha(Luqaas 1:4). Luqaas, ogeessichi fayya, ammas irra deebi'ee Tewoofiloosiif barreesse.Yeroo kana Luqaas, wantoota Hafuura Qulqulluu Isa kan Waaqayyootiin, Isa jireenaya namoota duuka buutota Yesuus ta'anii keessatti hojjetuun, raawwatame hunda, Tewoofloosiif barreessa.

Macaafni qulqulluun, hojii Waaqayyo Abbaa, Isa wantoota waaqaa fi lafa irra jiranu hundumaa uumee, kan jalqabaa dubbata Hojiin Waaqayyo Ilamaa, Yesuus, inni jalqabaa dhiiga Isaa fannoo irratti nuu dhangalaasuudhaan,biyya lafaa cubbuu jalaa, du'a jalaa, seexana isa hamaa jalaa furuu dha. Akkasumas hojiin Hafura QUlqulluu inni duraa, wantoota Waaqayyo karaa Sagalee Isaa nutti mul'ise amannee akka fudhannuuf garaa keenyaa fi sammuu keenya banuu dha. Nuyi Waaqa nu wajjin hariiroo cimaa uumuu barbaadu tokko qabna. Waaqayyo Hafuura Isaatiin nu keessa jiraachuu akka foo'ate fi akkasumas Haruurri kun jireenya keenya keessatti akka hojjetee nu qulqulleessuudhaan kana irra caalaa gara Waaqayyoon fakkaachuutti akka nu guddisu caaffanni qulqulluun nubarsiisa. Kana hojii qulqulleessuu jennee waamna. Inni fuula Waaqayyoo duratti qulqulloota nu tasisuuf nu qulqulleessa. Inni nu keessa jiraachuu Isaatiin frii yookaan isa baay'ee akka godhannu nu dandeessisa. Garuu Isa malee homaa gochuu hin dandeenyu. Ergamaan Phaawulos ergaa warra Galaatiyaatiif barreesse keessatti, ijji yookaan friin hafuurri qulqulluun nu keessatti godhatu keessaa kanneen, gammachuu, jaalala, obsaa fi nagaa dha jedhee dubbata. Inni akka nuyi walii waliif gaarii taanu, akka of qabnun fi walii gara laafotaa fi oo'a qabeessa akka taanu humna nuuf kenna(Galaatiyaa 5:22-23).

Waa'ee waldaa ishee jalqabaa qo'achuu yeroo eegaltanu, dhiphinaa Yesuusii fi dhiphina waldaa ari'amtee gidduu walitti dhufeenya jiru ilaalaa. Gidiraa fi dhiphinni dhufuun isaanii eegamaa turan. Kun Yesuus irra gaheera; duuka- buutonni Isaas kanuma eegaa turan. Duuka-buutonni Yesuus, akkuma Yesuus hidhamaniiru, sobaan hadheeffamaniiru, mana hidhaatti darbatamaniiru, akkasumas garee namoota tokkoo iraa gara garee kan biraatti dabarfamanii kennamaniiru. Yesuus irratti maal akka godhu, akkasumas bartoota yookaan duka buutota Yesuus irratti maal akka godhu kan beeke tokko illee hin turre. Waaqayyo namoota Isaa, akkamiin akka inni eege, akkamiin akka inni mana hidhaatii isaan baase fi namoota isaan ajjeesuu barbaadan harkaa

akkamiin akka Inni isaan oolche hubadhaa. Yeroo Waaqayyo karaa mul'ataa, karaa namoota kan biraa, karaa gidiraa lafa irraa fi galaana kessaa , namoota Isaatti dubbatu ilaaluun itti gammadaa. Yihudootaa fi warra Yihudoota hin ta'in(ormoota) ofitti aammatee yeroo Inni dubbatu dhaggeeffadhaa. Namootni dhaga'an hundi amanuudhaan qaama waldaa guddachaa jirtuu ta'aniiru yookaan ammo garaan isaanii inni cufamaan hubannaa dhabuu isaatiin amanuu didaniiru.

Luqaas namootni barreefama isaa dubbisanu,fayyisuun Waaqayyoo namoota hundumaaf akka ta'e, Yihudootaa fi warra Yihudoota hin taane gidduu garagarummaan akka hin jirre, garbaa fi birmaduu gidduu garagarummaan akka hin jirre, dhiiraa fi dubartii gidduu garagarumman akka hin jirree fi karaa Kiristoos hundinuu tokko akka ta'an akka hubanau barreesse. Affeerraan Waaqayyo akka namoonni hundi ergama Isaa keessatti Isaa wajjin itti hirmaatanu gochuuf qopheesse namoota hundumaafi dha! Kanaaf, dhaqaa, macca hundumaa bartoota godhaa!
Utuu Waldaan Kiristaanaa guddattuu ilaluu keessanitti gammadaa. Lakkoofsa arman gadii dubbisuudhaan qo'annoo keessan jalqabaa:

a. Hojii Ergamootaa 2:41 2:41

   _____

b. Hojii Ergamootaa 2:47

   _____

c. Hojii Ergamootaa 4:4

   _____

d. Hojii Ergamootaa 5:14

   _____

e. Hojii Ergamootaa 6:7

   _____

f. Hojii Ergamootaa 9:31

   _____

g. Hojii Ergamootaa 11:21

   _____

h. Hojii Ergamootaa 13:52

   _____

i. Hojii Ergamootaa Hojii 14:27

Amma egaa karaa Hafuura Isaa Isa Qulqulluu Isa isaan keessa jiraatuutiin Waaqayyo akkamiin akka Inni Hafuura Isaatiin saba Isaa dadammaqse ilaaluu jalqabna!

BARNOOTA TOKKOFFAA

YAADA GARAAKEESSANII GEEDDARADHAATII CUUPHAMAA

HOJII ERGAMOOTAA 1-2- GUYYAA PHEENXEQOOSXEE

MUL'ISTUU BARNOOTA 1FFAA

Argisiistuu

Seensa

Barnoota 1ffa: Hojii Ergamootaa 1-2

- Macca Hunda
- Guyyaa ayyaana Pheenxeqoosxee(guyyaa shantamaffaa)
- Tokkummaa Hafuuraa
  - Ergaa Pheexiroos
- Yaada ofii calaqqisiisu

YAADA GARAA KEESSANII GEEDDARADHAATII CUUPHAMAA

Namootni yeroo tokko Yihudoota sodatanii balbala isaanii cufatanii taa'aa tura, amma Hafuura Qulqulluu Isa akka isaan guutummaa biyya lafaa keessatti dhugabaatota Yesuus ta'anuuf humna isaaniif kennu, kan Waaqayyo Abbaadhan abdachiifame, Hafuura Qulqulluu, eeggatan. Barnoota 1ffaa kana yeroo qo'attanu, guyyoota eeggannaa sanatti bartootaa wajjin jiraachaa akka turtanitti of yaadaa. Yeroo Hafuurri Qulqulluun ofii Isaa isaanitti mul'ise, waa'ee waan mul'atee fi sagalee sanaa, waa'ee afaan haaraa baay'ee sanaa fi ajaa'ibsiifannaa namoonni gaafa guyyaa shantammaffaa(guyyaa Pheenxeqoosxee) walitti qabamananii turan sun argan mee ilaalaa.

Yeroo Pheexroos dubbatu namoota dhaggeeffatanii, garaan isaanii cubbamoota ta'uu isaanii hubatee, akka jedhanii gaafatan dhaggeeffadhaa, "Maal goonuree?" Deebii namoota gara 3000 ta'anuu kan ergaa Pheexiroos fudhatanii, dhiifamuu cubbuu isaaniitiif cuuphaman mee dinqisiifadhaa. Namoota maqaa Gooftaa waammatan hundumaaf kakuun Waaqayyoo raawwatamuu isaatti gammadaa! Ofii keessan namoota baay'ee gidduudhaa " Maal goonuree?" jettaniin utuu gaafattanii argitanii, jajjabina sagalee Waaqayyoo kan Pheexiroos dubbate, " Yaada garaa keessanii geeddaradhaatii cuuphamaa." Kan jedhutti utuu gammadanuu of argituu?

BARNOOTA 1FFAA

Kutaa 1ffaa

SEENSA. Qo'annoo keenya mata duree *Jaalala Waaqayyoo, Jireenya keenya* jedhu keessatti, Yesuus gara Waaqaatti ol ba'uu isaa dura, bartoota isaatti abboomii fi itti gaafatammummaa jajaajila Isaa gara biyya lafaatti(macca hundumaa biraa) geessuu isaanitti kennee ture. Sagaleen Isaas, "Akka Abaan na erge, Anis isin nan erga(Yohaannis 20:21)." Kan jedhu ture. Itti dabalees akkas isaaniin jedhe, " Egaa dhaqaa,macca hundumaa bartoota koo godhaa(Maatiwoos 28:19)"

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 1:4-8 dubbisaa.

SHAAKALA: Bakka duwwaa armaan gadii, jechoota Hojii Ergamootaa 1:8 keessaatti gargaaramaa guutaa.



1. Ergamootaaf, dhuga ba'umsi isaanii eessaa jalqaba turee?

   _____

   Xumurii isaa eessa gahee dhaabataa?

   _____

   Bartoota Gooftaa Yesuusiif dhuga-ba'umsi waan filannoo keessa galu miti.

   a. Kakuu Waaqayyoo lakkoofsa 5 keessaa: Isin garuu

      _____

   b. Kakuu Waaqayyoo lakkoofsa 8a keessaa: Isin garuu

      _____

   c. Kakuu Waaqayyoo lakkoofsa 8b keessaa: Isin garuu

      _____

2. Humna Hafuura Qulqulluudhaan kennamu, kan isaan fudhachuuf jedhanu kaayyoo maaliitiifiif fudhatuu?

   _____

   _____

   _____

Bartoonni Wangeela barsiisuu fi lallabuuf ergaman. Yesuus garuu akka isaan Yerusaalemitti deebi'anii kennaa Hafuura Qulqulluu isa Waaqayyo Abbaan abdachiise eeggatanu ibsee isaanitti hime(Hojii Ergamootaa 1:4). Egaa Yesuus dubbi kana bartootaa isaa biratti hambise(kenne). Inni ol fudhatamee duummessis ija isaanii duraa Isa dhokse(Hojii Ergamootaa 1:9).

YAADA OFII CALAQQISIISUU: WaanYesuus bartoota Isaatti hime ilaallee, dubbiin kun nuuf maal jechuu akka ta'e(hiika maalii akka nuuf qabu) akka xiinxalluuf carraan nuuf kennameera. Seenaa Hojii Ergamootaa keessa jiru qo'achuu yeroo eeggalu, Waaqayyo jalqaba uumamaa irraa jalqabee ergama(hojii) irra akka jiruu fi amma ammo ergama Isaa kana keessatti Isaa wajjin taanee akka itti hirmaannu nu affeeraa jiraachuu Isaa beekuun barbaachisaa dha!

1. Wangeela Yohaaniis 8:31 keessatti, Yesuus akkas jedhee ture, " Isin yoo_____, isi dhugumaan _____ kooti" Kana jechuun, anii fi isin barsiisa dubbii Yesuusitti qabamnee yoo jiraanne bartoota Isaati jechuu dhaa? Nuyi bartoota Isaa yoo taane, Yesuus karoora tajaajilasaa namoota hundumaa biraan Wangeela ga'uu keessatti akka hirmaannu nu affeeraa? Wanti Yesuus waggoota baay'ee fuuldura, bartoota Isaa biraa utuu hin deemin isaanitti dubbate, ana nama bara kana jaarraa 21^{ffaa} keessa jiraatu in laallataa?
2. Yaada keessan:_____

   _____

   _____

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU: Yaada keenya calaqqisiisuu yeroo eegallu, hojii akka nutti hojjennu Inni qopheesse akka hojjenutti, Hafuurri Waaqayyoo bartoota keessatti akka hojjete, akkasuma nu keessatti hojjetee, hubannaa, jabina/anniisaa, humnaa fi kaka'umsa akka nuuf kennu kadhanna(Efesoon 2:10). Amantii keenyatti akka nu jabeessu, akkasumas kakuu Isaa

kan ergama Isaa keessatti bakka hojjennu hundumaatti akka nu wajjin ta'u kan nuuf galetti akka nu cimsu waliin taanee Isa kadhanna(Maatiwoos 28:20).

1. Yesuus namoota dhugabaatota Isaa ta'aniif, bartoota Isaatiif, karoora qaba. Karoorri Inni isaaniif qabu achuma bakka isaan turanitti, Yerusaalemitti jalqabe. Tooftaa garagaraatti fayyademee isaan sochoosuudhaan, dhugabaatonni Isaa kun akka faffaca'anii Yerusaalemii ba'anii gara Yihudaa, Yihudaa Irraa gara Samaariyaa, dhuma irrattis gara andaara lafaatti akka ba'anu isaan taasise. Yesuus isinii fi ana bartoota Isaa godhee yoo nu waame, Yerusaalem koo eessaa? Yihudaan koo eessaa? Samaariyaan koo eessaa?



2. Ilaalchaaa fi yaada keessan calaqqisiisaa:

_____

_____

_____

_____

Kutaa 2ffaa

SEENSA: Bartoonni, bakka itti eegaa jedhaman Yesusaalemitti deebi'an. Eeguun shaakala yookaan muuxannoo gaarii dha. Muraasni keenya yeroo itti eegnutti in gammadna. Gadhees ta'u gaarii, oduu achii as dhufuuf jiru tokko eeguun rakkisaa dha. Yeroon wanta dhaabate/ijaajje nutti fakkaata. Yeroo baay'ee "mana yookaan kutaa itti eeggatanu" keessa akkiin akka jiraannu hin beeknu. Bartoonni dhufaatii Hafuura qulqulluu guyyaa kudhanii eeguun akka isaan irra ture nuyi beekna, jarri garuu dhufaatiin isaa ammam akka turu hin beekanu turan. Guyyaan guyaatti aanee darbe; bartoonni garuu ammas eeguu isaanii itti fufanii jiru. Hojii Ergamootaa 1:13-14 keessatti bartoonni kudha tokko hundi isaanii dubartittii ishee bara tajaajilaa Isaa

hundumaatti Yesuus duukaa buute wajjin kutaa isa olaanu keessatti akka walitti qabaman nutty himameera. Kan biraa eenyuti isaan waliin walitti qabamee? _____
Maal akka isaan hojjechaa turan tu nutti himamee? Yeroo itti eegachaa turan sana akkamiin dabarsaa
turanii?_____
_____
_____

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 2:1-13 dubbisaa

SHAAKALA:

1. Guyyichi guyyaa maalii turee? (lakkoofsa 1)?

   _____

2. Tokkoon tokkoon isaanii eessa akka turan nutti hin imamne, garuu maaltu akka ta'e nutti himameera. Lakkoofsa 2 keessatti, waa'ee sagalichaa maaltu nutti himamee?

   _____

3. Lakkoofsa 3 keessatti waa'ee waan "arraba ibidaa" fakkaatuu sanaa maaltu nutti himamee?_____

   _____

   _____

   _____

4. Yommus
   hundiisaanii_____;akka_____
   _____
   kennetti_____
   jalqaban (lakkoofsa4)

5. Sababii guyyichi guyyaa Pheenxeqoosxee ta'eef, Yihudoonni Waaqayyoon sodaatanu saboota hundumaa keessaa Yerusaalemitti wal gahan. Deebiin tuuta sanaa(namoota baay'ee walitti qabaman sanaa) maal turee?

   _____

6. Sochii akkasii kana maaltu taasisee/uumee(lakkoofsa 6b)? _____
   _____

7. Kana maaltu wanta takkaa hin beekamne taasisee(lakkoofsa 7-8)? _____

_____

8. Luqaas, barreessaan Macaafichaa of eeggannoo guddaadhaan, namoota biyyoota gara garaa hunda irraa bakka bu'anii achitti argaman ibsuun isaa barbaachisaa dha/gaarii dha (lakkoofsa 9-11).

a. _____
b. _____
c. _____
d. _____
e. _____
f. _____
g. _____
h. _____
i. _____
j. _____
k. _____
l. _____
m. _____
n. _____
o. _____

9. Namoota kana garagarummaan afaanii illee gargar isaan baasee _____ ergamoonni isaanitti himanu dhageeffachuu isaan hin dhowwine(lakkoofsa 11).
   Lakkoofsota muraasa kana keessatti gaaleen/jechoonni "afaan mataa isaa" jedhu si'a meeqa akka barreeffame hubadhaa.
10. Namoonni gara Yerusaalem dhufan hundi yeroo dinqiin Waaqayyoo afaan isaaniitiin labsamu dhaga'an, haala isaan keessa galan ibsuuf jechoonni na'anii, waan godhan wal'aalanii, ajaa'ibsiifatan jedhan hojii irra oolaniiru(lakkoofsa 12). Gaaffiin isaan walii walii isaanii gaafatan mayinnii(lakkoofsa 12)?_____

    _____

    _____

11. Dhugumaan garuu yeroo hundumaa namoonni isaanitti qoosan jiru turan (lakkoofsa13). Yaadni isaanii maal turee??

    _____

    _____

Kutaa 3ffaa

BARSIISA: Kakuu Moofaa keessatti, guyyaan Pheenxeqoosxee Waaqayyoon hundeeffame. Innis ayyaana faasikaa guyyaa shantama booda geggeeffame. Guyyaan kun guyyaa ayyaanneffannaa fi sirnaa kan yommuu mucaan angafni Waaqayyoof kennamu(Waaqayyoof qulqulleeffamu) raawwatamu ture. Waldoota Kristaanaa tokko tokko keessatti guyyaan Pheenxeqoosxee Sanbata Guddaa(Dilbata)ayyaana du'aa ka'uu booda guyyaa shantamaffa jiru akka ta'etti ilaalama. Waaqayyo ayyaana kana kan hundeesse, erga Israa'eloonni biyya Gibxiitii ba'anii booda yeroo Waaqayyoo seerrata Isaa Muuseetti kenne ture. Gochi Hojii Ergamootaa boqonnaa 2 keessatti barreeffame, guyyaa duraan guyyaa ayyaana Yihudootaa ture, kan Kiristaanaa taasise. Waggaa waldaa Kirstaanaa keessatti, Ayyaanni guyyaa dhalootaa Gooftaa Yesuus, Ayyaanni du'aa ka'uu fi Ayyanni Pheenxeqoosxee, guyyoota ayyaanaa bebbeekamoo sadan jedhamaniii beekamu.

Kan nuti barannu, namotni guyyaa Pheenxeqoosxee sana walitti qabaman hundi isaanii, Hafuura Qulqulluudhaan akka guutamanii fi Haruurri Qulqulluunis isaan keessa jiraachuu Isaa afaan haaraa dubbachuu isaaniitiin of akka mul'iseedha(lakkoofsa 4). Haasaan (dubbiin) isanii namoota ayyaana Pheenxeqoosxee ilaaluuf baiyyoota garagaraa irraa dhufaniin dhagahamee beekameera. Keessummoonni sun yeroo namoonni kun dinqii Waaqayyoo afaan isaaniitiin dubbatani yeroo dhaga'an hubatanii dinqisiifatan! Hafuurri Waaqayyoo tokkummaa fide. Ergaa gara Roomaatti erge (15:5-6) keessatti Phaawuloos akkas jedha: "Waaqayyo inni _____ fi_____ namaaf kennu immoo _____ _____ akka qabaattaniif _____. Yaada tokkos_____ Waaqayyo abbaa Googtaa keenyaa Yesuus Kirstoos _____"

Wanti hariiroo Waaqayyoo fi ilmaan namootaa gidduu ture diige, karaa du'uu fi du'aa ka'uu Yesuus Kiristoos diigameeraYesuus, du'a irratti, cubbuu irratti fi Seexana mataa isaa irratti moo'icha labseera. Wanti inni dhumaa/xumuraa, kan ilmaan namootaa gargar baasee fi kan diigamuu barbaachisu walliin makamuu afaan sanyii ilma namaa isa bu'aa cubbuu ta'ee dha. Waaqayyo ilmaan namaa ofii isaatiin of balleessuu irraa olchuuf jecha addaddummaa(walmakamuu) afaaniitti gargaarame. Namootni sun guutummaa biyya lfaa irra

faca'an. Seera Uumamaa 11:1-9 deemtanii dubbisuudhaan, yaada keessan waa'ee seenaa kanaa haareffadhaa.

SEENSA: Mee seenaa keenya Hojii ergamootaa boqonnaa 2 keessa jirutti haa deebinu. Mal'attoo sagalee takkaa ta'ee hin beeknee fi mul'achuu arraba ibiddaa tokkoon tokkoon isaanii irra buufateen, Hafuura Qulqulluudhaan guutamuun dhufuu isaatiin namootni sun afaan haaraa dubbatan. Namootni sun human Hafuura Qulqulluu fudhachuu isaaniitiin jijjiirama addaa uumame sana dinqisiifachuu namni kam illee obsuu hin danda'u. Namootni yeroo tokko sodaatanii balbala isaanii cufatanii dhokatanii turan kun, amma ija jabummaadhaan namoota kumaatama duratti dubbatanii, akkuma itti fufnee ilaallu, hidhamuudhaan, dhagadhaan rukutamuudhaan, akkasumas akkuma Gooftaan isaan abboome Wangeela gara biyyalafaatti fiduudhaaf hanga du'aatti illee adeemaniiru. Wanti nuti dinqisiifachuu qabnu qofti, jabinaa fi ija jabummaa Waaqayyo nomoota Isaatiif, isnii fi anaan dabalatee, kennuu barbaaduu dha. Amma egaa bartoonni humnsa ofii isaaniitiin osoo hinta'in, human Waaqayyootiin jabaatanii human argataniiru. Dhuga baatota Waaqayyoo ta'uuf bilsa ba'aniiru(hiikamaniiru/gadhiifamaniiru) Mee gabaabaatti ergaa Pheexiroos namoota baay'ee(tuuta) sanatti dubbate irratti xiyyeechafuun haa jalqabnu.

SHAAKALA:

1. Ergaan Phexiroos wanta namootni waan bartoonni machaa'an itti fakkate dubbataniif yaada kennameen jalqaba. Lakkoofsa 14-21 dubbisaa.
    a. Akka Phexiroos dubbatetti namoon sun maaliif hin machoofnee(Lakkoofsa 14-15)?

    _____

    _____

    _____

    b. Raajichi Eyyuu'eel addaan baasee waa'ee dhangala'uu Hafuura Gooftichaa maal jedhee turee(Lakkoofsa 17)?

    _____

    _____

    c. Hafuurri Isaa akkamiin mul'atee (Lakkoofsa 17b)

    _____

Waaqayyo Haruura Isaa garboota Isaa_____ fi _____ irratti akka dhangalaasu dubbate(lakkoofsa 18)

d. Deebiin uumamaa maal turee(lakkoofsa 19-20)?

_____

_____

_____

e. Garuu, waan hundumaa olitti, Hafuurri Isaa kakuu Waaqayyoo isa kam argisiisaa(lakkoofsa 21)?_____

_____

_____

2. Pheexroos, dhugaa seenaa keessa jiru, waa'ee Yesuus Isa Waaqayyo Abaan, karoora ofii Isaa kan namoota hundumaa fayyisuuf qabu galmaan ga'uuf, harka namoota hamootaa fi jal'ootaatti dabarsee kennee keessa deebi'uudhaan ergaa isaa itti fufa. Lakkoofsa 22-26 keessa deemaatii, taatee Pheexiroos ergaasaa namoota sanatti dubbate keessatti ibsu barreessaa.

a. _____ (lakkoofsa 23)

b. _____ (lakkoofsa 24)

c. _____ (lakkoofsa 33)

d. _____ (lakkoofsa 36)

3. Ergaan Pheexiroos garaa namoota sanaa raase (lakkoofsa 37). Namootni sun maal gaafatanii?_____

_____

_____

4. Deebiin Pheexiroos maal turee (lakkoofsa 38)

a. _____

b. _____

c. Maqaa Gooftaa Yesuusiin kakuun Pheexiroos kenne maayinnii(lakkoofsa 38)?

d. _____

e. _____

5. Akkasumas, wanti xumuraa kan nutty lakkoofsa 41 keesatti dubbisnu… "Warri _____ _____.Kanaaf guyyaa sanatti_____ _____ in dabalaman." Namootni sun yeroo Haruurri Waaqayyoo karaa ergaa Pheexiroos isaanitti dubbateen garaa isaanii tuqe, Hafuura Waaqayyootiif deebii kennani. Namootni dhaga'an akka deebii kennanu kan kakaasu Hafuura Waaqayyoo qofaa dha.

YAADA OFII CALAQQISIISUU:

1. Seenaa kana erga dubbisee booda, namni kaimiyyuu gaaffii baay'ee gaafachuu hin dhiisu:
   a. Dhugumaan kun ta'eeraa?
   b. Sagalee guutummaa manichaa keessa guute dhaga'uun maal fakkaata turee? Akka sagalee mallattoo balaa ibidaa ibsaa gara mana namaa deemuu turee?
   c. Arrabba ibiddaa? Namootni sun wanti akka ibidda arrabaa fakkaatu yerroo isaan irra buufatu argan. Egaa kun hundi maal argisiisaa?
   d. Kana booda, waan hunda irra caalaa, namootni kun akkuma Hafuurri QUlqulluun isaan dandeessisetti afaan kan biraa dubbatan. Nutis gaaffii isaan walii walii isaanii gaafatan gaafachuu obsuu hin dandeenyu. "Kun maal jechuu dhaa?"
   e. Tarii wanti kun isa bartoonni Yeroo Yerusaalemiin keessatti kenna Hafuurri Qulqulluun isaaniif kennuf jiru eegaa turan, eeggatanii jennee gaafachuus dandeenya.
      a. Maal eeggataa turan jettanii yaadduu?

         _____

         _____

         _____

b. Isin maal eeggattu turtanii laataa?

_____

_____

_____

f. Gaaffilee kan biraa:

_____

_____

_____

2. Kana booda, Peexiros ka'ee lallaba garaa namoota sanaa tarsaase lallabe. Namoonni ergicha fudhatan in cuuphaman; namootni 3,000 isaanitti dabalaman. Sun guddina baay'ee cimaa dha!
   a. Jarri yaada garaa isaanii geeddaratan.
   b. Jarri in cuuphaman.
   c. Jarri dhiifama cubbuu isaanii argatan.
   d. Jarri kennaa Hafuura QUlqulluu fudhatan.
3. Pheexiroos wanta ta'aa jiru isaaniif hire (Lakkoofsa 14-21). Itti fufees waa'ee fayyina karaa du'uu fi du'aa ka'uu Yesuusitti amanuudhaan argamuu isaanitti hime. Ergaa isaas Yesuus gara aaqaatti, bakka itti moo'uu fi Hafuura Isaa Qulqulluu dhangalaasutti ol ba'uu Isaa dubbachuudhaan goolabe(Lakkoofsa 22-36). Kana booda Pheexiroos akka isaan qalbii diddiirratanii, dhiifamuu cubbuu isaanii argachuudhaan kennaa Hafuura Qulqulluu argatan isaan affeere.
   a. Yoo feetan, karaa cuuphaa cubbuun keenya nurraa miiccama, nurraas qulqullaa'a. Kun dhuunfaa keenyaan, hojii fayyisuu(oolchuu) Kirstoos nuu fida. Kana booda Hafuurri Qulqulluun ofii Isaatiin , argamuu Isaatiin lubbuu keenya ishee duwaa taate guutuu taasisa. Hojii qulqulloota nu taasisuu Isaa, isa itti fufee hojii qulqulloota nu taasisuu itti fufee, irra caalaal gara Isa fakkaachuutti nu guddisu hojjeta.
   b. Gochi itti fufaan qalbii diddiirrachuu fi dhiifama cubbuu argachuu, waa'ee fayyina (ooluu/furamuu) keenyaa nu yaadachiisa. Inni kun immoo Hojii Waaqayyo karaa Yesuus hojjetee, dhiga Ilma Isaatiin nu oolchee, jiraataa ta'uu Isaa gara jireenya keenyaatti fidee, kan ofii isaa ta'uu keenya ittiin mul'isee dha.

c. Sirna Cuuphaa Qulqulluu keessatti, Waaqayyo nuti kan Isaa ta'uu keenya mirkaneessee, Hafuurri Isaa immoo hariiroon keenya Waaqayyo Abbaa wajjinii karaa Yesuus deebi'ee hundeeffamuu isaa safara/lakkaa'a. Nuti kan Isaati; Innis kan keenya!

d. Yaada keessan calaqqisiisaa:

_____

_____

_____

4. Kennaa Hafuura Qulqulluu fi human Isaa kan namoota ergaa Pheexiroos futan keesatti hojjechaa jiru bira darbuu hin dandeenyu. Hojiin garaa ilma namaa geeddaruudhaan akka inni Waaqayyo Yesuusiin Gooftaa fi Kiristoosiin taasise(Lakkoofsa36) amanu gochuun hojii Waaqayyootii fi hojii amantii isa Hafuurri Isaa Qulqulluun tokkoon tokkoon keenya keessatti uumuuti. Ergaa gara Efesoon 2:8-9 dubbisaa. Yaada keessan barreessaa:_____

_____

_____

YAADAAN(SAMMUUTTI)QABACHUU: Hojii Ergamootaa boqonnaa 2 keessaa lakkoofsi inni ijoon 38. Kutaa kana yaadannoo(kaardii indeeksii) keessan irratti barreessuudhaan jechoota kanatti xiyyeeffannaa kennaa-yaada garaa keessanii geeddaradhaa(qalbii diddiirradhaa), cuuphamaa, dhiifamuu cubbuu, fi Hafuura Qulqulluu. Lakoofsa kana yeroo yaadaan qabattanu, jechoota kana sammuu keessanitti qabadhaa. Amma egaa mee waa'ee carraa ittiin affeerraa Waaqayyoo kan ittiin karaa Yesuus kennaan dhiifamuu cubbuu argatamu fi waamicha gara jireenya irraa hafaa fi humna Hafuura Qulqulluutiin guutame kanaatti taasisu namoota kaaniif hiruu yookaan qooduu dandeessanuu barbaadaa.

KADHANNAA: Akka Hafuurri Waaqayyo gara jireenya qalbii diddiirrannaatti isin geessee, araara Isaa argachuudhaan kennaa jireenya barabaraa argattanuuf galataan Waaqayyoon kadhadhaa.

_____

_____

_____

BARNOOTA LAMMAFFAA

MAQAA YESUUS KRISTOOSIIN

HOJII ERGAMOOTAA 3- NAMICHA NAAFA

ARGISIISTUU BARNOOTA 2^{FFAA}

Mul'istuu

Seensa

Barnoota 2: Hojii Ergamootaa 3

- Amalaa fi Shaakala walitti dhufeenyaa
- Warqeen yookiis Meetiin hin jiru
- Yaada ofii calaqqisiisuu: Namichi Naafti in fayye
- Ergaa Pheexiroos

SEENSA

Waldaan Kirstaanaa ishen durii, shaakala tokkummaa amantootaa isa haaraa kana cimsitee jajjabeessite gudiste. Jarri kadhannaa fi qo'annoo sagalee Waaqayyoof iddoo guddaa kennan. Tokkumaa fi nyaata waliin hirmaachuun akka isaan jabeessee fi akka hawaasaatti amantii isaanii akka guddise beekaniiru. Wal gargaaruu fi waan qabanu walii kennuu isaaniitiin namoota kaaniif akka isaan fakkeenya cimaa ta'an hubadhaa.

Seenaan kun waa'ee Pheexiroosii fi Yohaanniss fi waa'ee kadhataa naafa, guyyaa tokko utuu mana sagadaa dhaqanuu isaanii wajjin wal argeeti. Namich waan Pheexiroosii fi Yohaannis hin qabne, qarshii barbaade, garuu jarri waan qabanu isaaf kennan-maqaaYesuus! Akka waan homaa tokko hin qabneetti isinitti dhaga'amee beekaa? Wanti isin qabdan akka waan gahaa hin taaneetti isisnitti dhaga'amee beekaa? Maqaan Yesuus namoota kanaaf gahaa ture. Jarri human maqaa Yesuus beeku turan!

Namichi naafti kadhataan sun yeroo ka'ee dhaabate deebii inni kenne ilaalaa. Namoota waan namicha kanaaf ta'e argan ilaalaa. Yeroo Pheexiroos waa'ee Yesuus, Goofiticha fannifamee du'a moo'ee ka'ee, dubbachuuf carraa argametti fayyadamu dhaggeeffadhaa. Namoota sana waamee akka isaan qalbii diddiirratanii, cubbuu irraa deebi'uudhaan argamuu Gooftichaatiin haareffamanu isaan affeera.

MAQAA YESUUS KIRISTOOSIIN

BARNOOTA 2FFAA

Kutaa 1ffaa

BARSIISA: Yesuu yeroo biyya lafaa irra jiraachaa ture, duuka-buutota Isaa karaa jireenya haaraa barsiise. Inni amala haaraa isaan keessa guute; toftaa addaa kan jireenyaaf, namootaa fi haalotaaf deebii ittiin kennanuu isaaniin hubachiise. Wangeelli Maatewoos 5-7, lallaba Yesuu isa gaara irraa of keessaa qaba. Inni barsiisa Isaa keessatti amala duunfaa fi hawaasummaa haaraa baay'ee, kan duuka-buutota Isaatiif barbaade qoodeef/hireef. Yeroo isaan ilaalanu Inni amaleeffannaa Hafuuraa kophaatti bahee, iddoo itti boqochuu fi yaada ofii calaccisiisuu/xiinxaluu fi kadhannaadhaaf gabii qabu isaan barsiise. Yeroo cubbamootaa wajji nyaate, namoota haala/amala jireenyaa rakkisaa keessa turan yeroo gaafate, yeroo dhokatee geggeessisoota waldaa wajjin wal argee fi namoota ijji isaanii jaamee miirri isaanii miidhame bira dhaqe, Yesuus amala michooma yookiis walitti dhufeenya haaraa isaan barsiise. Haala amala Yihudootaa keessa turaniin seeraan barsiifamaa turan yeroo ilaallu, amaloonni kun yookiis bartoonni kun faallaa aadaa sanaa deemaa jiru.

Garuu yeroo Yesuus isaan dhiisee deemu duuka-buutota kana irra maaltu gahaa? Duuka-buuttonni kun basiifata isaanii duriitti, amala isaanii isa duraatti hin deebi'anuu, yookiis gara daangeffama seeraa sanatti hin deebi'anuu? Yesuus wanta gara fuulduraatti isaan diibee amala haaraa kana keessa namummaa isaanii keessatti hundeessu tokko godhe. Inni eenyummaa haaraa isaaniif kenne. Duraan, "Naduukaa bu'aa." jedhee isaanitti himee ture. " Amma ammo utuu gara waaqaatti ol hin ba'in dura, "Dhuga baatota Koo taatu" isaaniin jedheera. Jarri Yesuus duukaa bu'anii karaa Isaa barataniiru waan ta'eef, amma ammo biyya lafaatti Isa calaqqisiisu(mul'isu). Amma egaa waan ta'uuf uumaman ta'uuf jiru, innis bifa Waaqayyummaa Waaqayyoo biyya lafaatti mul'isuu(calaqqisiisuu) dha(Seera Uumamaa 1:27). Waan dhaga'anii fi argaanii dhuga baatota ta'anuu kan isaan dendeessise Hafuura Qulqulluudhaan gutamaniiru.

Hojii Ergamootaa 2 keessatti amaloonni isaanii inni haaraan kun maal akka fakkaatu baranna. Erga Yesuus gara waaqaatti ol ba'ee booda keneen Hafuura Qulqulluu erga kennamee booda duuka buutonni Isaa jireenya akkamii jiraatanii?

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 2:42-47. Yeroo kutaa kana dubbistanu, guutummaa isaa keessatti jechoota isaan, tokkoon tokkon isaanii fi hunda jedhu argitu. Lakkoosfonni kun

waldaa Kirstaanaa ishee durii fi tokkummaan amantootaa kun hawaasa keessatti akkamiin akka jiraate ibsu. Amalootaa fi hariiroon isaan walii walii isaaniitiif qabanu ture keessaa muraasni maal faadhaa?

SHAAKALA:

1. Barsiifatni hawaasummaa afur kan tokko godhee waliit isaan michoomse, lakkoofsa 42 keessaa maal hubattuu?
   a._____
   _____
   b. _____
   _____
   c._____
   _____
   d. _____
   _____
   ___
2. Yeroo Hafuurri Waaqayyoo milikkitaa fi dinqii gurguddaa karaa ergamootaa hojjetu, tokkummaa isaanii sanaaf deebiin kenname maal turee(lakkoofsa 43)?_____
3. Amantoonni tokkummaadhaan hawaasa keessa jiraatan. Wantoota qabanu arjummaadha walii qoodaa, nama rakkate kamiinuu gargaaruuf waan isaan irraa eegamu godhan(lakkoofsa 44-45). Wantoota qaban waltti fidanii namoota rakkatan gargaaraa tura. Lakkoofsota kana irraatti hundaa'uudhan, waa'ee haala jireenya isaanii maal hubattuu?_____
   _____
4. Lakkoofsonni 46-47a, amaleeffannaa waaqeffannaa amantootaa dubbatu. Isaan waqeffanna guyyaa guyyaatti mana qulqullummaatti geggeeffamutti hirmaachaa, mana mana isaaniittis _____
   garaa_____ nyaata isaanii waliin ga'anii nyaatu yura.

5. Lakkoofsi 47a akka dubbatutti isaan Waaqayyoon

   _____

   saba_____

   Gooftaanis_____

   "isaan saba hundumaa duratti ayyaana argachuun" bu'aan isaa maali jettanii tilmaamtuu? _____

6. Lakkoofsi 47b bu'aa isaa argisiisa. Gooftaanis

   _____

   _____ dabale. Hojii wnageelaa hojjechuun, amantii isaanii namoota kaaniif qooduun, barsiifata isaanii guyyaa guyyaa keessaa isa tokko ture!

Kuta 2ffaa

YAADA CALAQQISIISUU: Waldaan isheen durii amaleeffannaa afur qabdi turte:

1. Wiirtuun jireenyaa Sagalee Waaqayyoo fi barsiis isaa, qo'annaa, kadhannaa fi dhoksaawwan qulqulluu ture
2. Shaakalli jireenyaa tokkummaa, gammachuu waliiniin ta'uu fi warra rakkatan gargaruu ture.
3. Jireenyi waliinis ta'ee jireenyi dhuunfaa, jireenya waqeffannaa ture.
4. Jireenyi guddina tokkummaa yaadaamee fi tilmaamamee ture.

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Akka dhuga baatota Kiristoositti iddoo waldaan durii eenyummaa isaanii isa haaraadhaaf kennan ilaalchisee deebiin keessan maayinnii?_____

   _____

   _____

   _____

   _____

2. Amaleeffannaa isaanii keessaa maaltu keessa keessan tuqaa(kakaasaa)?

_____

_____

_____

3. Amaleeffannaa isaanii keessaa isa kamtu isinitti hin toluu(gaddisiisaa)?

_____

_____

4. Amalaa fi jireenya waliinii (tokkummaa) hariiroo waldoota bara kanaa ilaalchisee hubannaan yookiis yaadini keessan maayinnii?

_____

_____

_____

5. Eenyumaa haaraa dhuga-baatuu Kirstoos ta'uu isnii kenname booda, amaleeffannaan keessan duraanii eenyummaa keessan isa haaraa wajjin wal faallessaa (walitti bu'aa)? Ibsaatii barreessaa.

_____

_____

6. Amala(barsiifata) keessan amala Kiristoos Gooftaa wajjinii fi fakkii waldaa Kirstaanaa ishee dhugaa kan Kirstoos wajjin wal simsiisuuf akka isin gargaarutti maaltu godhamuu danda'aa(Hojii Ergamootaa 2:42-47)? Dandeettii keessan bifa Waaqayyoo biyya lafaatti mul'isuuf yookaan calaqqisiisuu sirriitti akka fooyyeffattanuuf jijjiiramni barbaachisu maayinnii?

_____

_____

_____

_____

KADHANNAA: Yaa Gooftaa Hafuura Qulqulluu Keetiin Ati iti fufii na barsiis. Guyyaa guyyaatti akkan Si duukaa bu'uu fi Si duukaa bu'uu kootinis jaalala(fedha) keetii fi karaa Kee akkan baru yaadachiifameera. Ati akka ani Si duukaa bu'u qofa na yaachiiste miti,garuu eessa illee yoon jiraadhe, ergama kootiin sii wajjin ta'uu koo na yaadachiifteetta. Ati dhiiga

Hoolichaatiin cubbuu koo narra miiccitee na qulqqulleessitee, karaa cuuphamuu kootiitiin HafuuraQulqulluu Keetiin na guutteetta. Waa'ee eenyummaa Keetii dhuga-baatuu isa dhugaa akkan ta'u na dandeessissi. Cubbuu koo naaf dhiisiitii akka ani eenyummaa haaraa kanaaf, waamicha haaraa kanaaf amanamaa ta'u najajjabeessi. Akksumas, yeroon dadhabu akka ati na kaastu, akka na cimsituu fi Hafuura Qulqulluu keetiin ol na kaastee akka ani namoota kan biraatiif ayyaana Keetii fi araara Keetiif dhugabaatuu isa jabaa ta'u na dandeessisi.

_____

_____

_____

Kutaa 3ffaa

SEENSA: Duuka-buutonni Yesuus waan Inni hijjetu ilaalalnii Isa irraa baratu. Dhuga-baatonni Yesuus qaama Isaati; hojii Inni hojjettes ni hojjetu. Wangela Maatewoos 28:18 keessatti Yesuus aboon hundumtuu Waaqaa fi lafa irratt akka Isaaf kenname dubbatee, aboo Isaa kanaa ammo akka isaan dhuga-baatotaa fi bartoo Isaa ta'antti duuka-buutota Isaa guute. Maarqoos 16:17-18 keessatii, namoota manan mallattooleen, kan akka kennaa fayyisuu, seexana baasuu fi afaan haaraa dubbachuu, akka isaan hordofu nutty himameera Kan fayyisu Yesuus akka ta'ee fi Inni namoota kaan fayyisuuf nutti akka fayyadamu yaadachuu nu barbaachisa Hojii Ergamootaa 3 fi 4 keessatti seenaa namicha kadhataa naafa turee fi fayyifame sanaa baranna.

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 3:1-10 dubbisaa.

- Taatonni seenaa kana keessaa eenyuu?
- Maaltu ta'ee?
- Deebiin namootaa maal turee(Namootni maal jedhanii)?

SHAAKALA:

1. Bartoonni lamaan eenyuu(lakkoofsa 1)? _____ fi _____
2. Eessa deemaa turanii? _____

3. Maaliif deemaa turanii?

   _____

4. Guyyaa keessaa saatii meeqa turee?

   _____

5. Lakkoofa 2 keessatti, wantoota bebbeekamoo muraasni nutty himameera:
   a. Waa'ee namich kanaa maaltu nutty himamee?

      _____

   b. Garaa eessaatti baatamaa turee?

      _____

   c. Maqaan balbalichaa(karrichaa) maal turee?

      _____

      Kaartaa yoo qabaattan balballi sun kutaa dubartootaa fi warra ormootaa(namoota Yihudoota hin ta'in), mana qulqullummaa gara baha biiftuu irraa eessatti akka argamu argisiisaaKarrichi gara kutaa dubartootaatti kan banamu ta'ee, karaa mana qulqullummaatti olgalamu isa guddaa ture. Karrichi baay'ee kan bareeduu fi albuuda gati jabeessa kan warra Qorontoosiin kan hojjetamee fi iddoo ol ka'aa nama hawwatu/dinqisiissu irratti kan hojjetame ture.

   d. Namicha sana gara karra sanaatti guyyaa guyyaadhaan kan fidanu maatii isaa fi hiryoota isaa akka ta'an yaadna. Maalii achi kaa'amaa turee?

      _____

6. Inni Pheexiroosii fi Yohaannisiin arge. Maal isaan kadhatee(lakkoofsa 3)?

   _____

7. Deebiin Pheexiroosii fi Yohaannis isaaf kennan maal turee(lakkoofsa 4)?

   _____

8. Itti fufee, Pheexiroos maal ittin jedhee?

   _____

9. Namich maal godhee (lakkoofsa 5)? Maaliifii?

   _____

   _____

   _____

   _____

10. Bakka sanaa , Pheexiroos maal namichatti himee(lakkoofsa 6)?

_____

_____

_____

_____

_____

11. Pheexiroos harka isaa mirgaa qabee akka ol ka'u isa gargaaree "achumaanis_____ fi _____ isaa _____."

12. Waan namich godhe lakkoofsa 8a keessatti maaltu nutty himamee?

_____

_____

Akkamiin Pheexiroosii fi Yohaannisii wajjin gara mana qulqullummaatti ol seenee (lakkoofsa 8b)?

_____

_____

13. Namootni hundi yeroo isa argan…

    a. Maal hojjechaa turee (lakkoofsa 9)?

       _____

    b. Lakkoofsa 10: Jarris _____.

    c. Jarri akkamiin isa baranii?

       _____

    d. Jarris waan _____ kanaafis

       _____

       _____

       _____

Kutaa 4ffaa

YAADA OFII CALAQQISIISUU:

1. Pheexiroosii fi Yohaannis mana qulqullummaa snaa fi balbalicha miidhagaa sanaaf, karaa galumsaa galmichatti ol ittiin seenamu isa jalqabaa waan ta'eef, keessumma miti. Nmoota mana qulqulluummaa seenanu irraa waa kadhachuuf guyyaa guyyaadhaan fidamee fuldura waal kaa'amuuf, Pheexiroosii fi Yohaannis namich naafa kana duranis arguu hin hafne. Garuu, har'I guyyaa biraati. Yeroo namichi horii isaan kadhate, Pheexiroos kallattii gara isaa akka ilaale nutti himameera. Akka kanataa kan biraa balbala dura taa'u kan biraatti, Pheexiroosii fi Yohaannis namich kana bira hin darbine. Isaan dhaabatanii ija namichaa keessa akka ilaalan nutti dubbatameera. Namichi kun Pheexroosii fi Yohaannisiif xiyyeeffannaa utuu hin kennin, namoota darbaa jiranu kan biraa of fula duratti ilaalaa akka jiru tilmaamuu dandeenya. Namichi kun, tarii ija(xiyyeeffannaa) namoota kan biraa duraa waan isaan isa golbobaniif namoota addaa kanatti aaruu hin hafne. Garuu, Pheexiroosii fi Yohaannis dhaabatanii, ija isaa keessa ilaalanii, akkas jedhan, "Gara keenya ilaali!"Ati qaama balbalicha mit. Ati nama." Kanaaf namichi namoota baay'ee darbaa jiranu laaluu dhiisee. Pheexiroosii fi Yohaannisiif xiyyeeffannaa kenne.
2. Namichi Pheexiroosi fi Yohaannis irraa horii argachuu akka eege nutti dubbatameera. Yeroo jecha afaan Pheexiroos isa jalqabaa, kan " Ani meetii fi warqee hin qabu…" jedhu dhaga'e sammuu namichaa keessa maaltu naanna'aa turee laataa. Namichi waan akkas jedhu yaadee turee laata: " Haa ta'u gaarii dha, jedhaa deemaa. Kun amala hojii kootiti. Namoonni tokko tokko horii naa kennanu qabu, namoonni kaan immoo hin qabanu. Ani kadhachuu ittuman fufa."
3. Kanarratti Pheexiroos itti fufe akkas jedhe, "… garuu isan qabu siifan kenna." Sun namicha keessatti fedhii dabalataa uumeeraa? Pheexiroos maal isaaf kennuuf jedhaa? "Maqaa Yesuus Kiristoos Naazirichaatiin ka'ii adeemi." Pheexiroos jecha kan biraa afaan ofii isaa keessaa hin qabu; namicha akka ol ka'ee dhaabatu gargaaraa jira! Battaluma sanatti jabinnii gara miillaa fi jilba namichaa dhufe. Innis utaalee deemuu jalqabe! Pheexiroos maqaa Yesuus qofa qaba ture, maqaan Yesuus garuu kan namichaaf barbaachisu hundaa dha! Pheexiroos humna Hafuura Qulqulluutiin guutamee hojii

hojjete. Amantii maqaa Yesuusiin, Pheexiroos namicha naafa harka qabee akka ka'ee dhaabatu gargaare. Pheexiroos humna Hafuurri Qulqulluun isaaf kennetti gargaarame; namichi in fayyee.

4. Debiin namichaa Waaqayyoon waaqeffachuu fi galateeffachuu ture. Yeroo jalqabaatiif gara mana qulqullummaatti ol seene. Waaqayyoof hooqubaa dhiyeessaa Pheexiroosii fi Yohaannisii wajjin deeme. Kanaan dura takkaa baatamu malee of danda'ee deemee hin beeku. Yeroo kana jireenyi manichaa humni Waaqayyoo jireenya dhuga-baatota Isaa, Pheexiroosii fi Yohaannis keessaan hojjechaa jiraachuu isaatiif dhuga-ba'umsa ta'e.
5. Namootni, namichi balbala mana qulqullummaa fuldura taa'ee kadhachaa ture ta'uu hubatan. Inni amma garuu, deemaa, utaalaa Waaqayyoon jajachaa jira. Namootini, waan namicha kanaaf ta'e ajaa'ibsiifatanii dinqisiifannaadhaan guutamuun isaanii nutti dubbatameera. Jireenya namicha kanaa hidhaa/garbummaa naafummaa keessatti yeroo ilaallu, maltu ta'ee turee? Yaada keessan:

   _____

   _____

   _____

SEENSA: Pheexiroos, namootni baay'een gara isaa fi gara Yohaannisitti utuu fiiganuu arge. Namootni waan ta'e dinqisiifatanii, Pheexiroos ammo carraa kanatti gargaaramee, waa'ee Yesuus Isa namicha naafa kana fayyisee dubbate.

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 3:11-20 dubbisaa.

SHAAKALA:

a. Pheexiroos gaaffii lama gaafachuudhaan eegala(lakkoofsa 12):
b. _____

   _____
c. _____

   _____

2. Namich maqaa Yesuusiin fayyeera. Pheexiroos, eenyutu Waaqayyoof ulfina kenne jedhaa(lakkoofsa 13)?_____

_____

_____

3. Pexroos waan namoonni sun hojjetan maal isaanitti(namoota sanatti) himee(lakkoofsa 13b-15a)?
   a. _____

      _____

   b. _____

      _____

   c. _____

      _____

   d. _____

      _____

4. Wanta Waaqayyo hojjete Pheexiroos maal namoota sanatti himee(lakkoofsa 15b)?

   _____

   _____

   _____

   Itti fufee Pheexiroos akkas jedhe, " Nuyi kanaaf_____"

5. Pheexiroos itti fufee lakkoofsa 16 keessatti itti dabalee ibsa:
   "_____, Maqaa Isaattii _____ namicha naafa_____ fi _____kanaaf jabina kenne;

   _____

   _____

   _____

   kenneef."

6. Ammas Pheexiroos dubbii isaa itti fufee, namoota Israa'el kanatti, waa'ee dhufaatii Kiristoos, Isa ilamaan namootaatiif dhiphatee, du'uuf jiru sanaa, duraan kan karaa raajotaa dubbata wabii gochuudhaan isaaniif ibse. Itt fufee Pheexiroos lakkoofsa 19 keessatti akka isaan_____

geeddaratan_____ isaanii akka haxaa'u_____.

7. Lakkoofsa 25 keessatti, Pheexiroos isaan dhaaltuu kakuu isa abboota isaaniitiif galamee, isa Waaqayyo Abrahaamiif kakuu gale akka ta'an isaan yaadachiisa,
   " _____ keetiin _____ hundi _____ jedhee ture."
8. Itti fufee Pheexiroos waa'ee Yesuus, Isa Waaqayyo Abbaan_____ _____ jedhee dubbata. Inni jalqaba karaa Israa'elootaa _____ _____hunduma isaanii _____(lakkoofsa 26).

BARNOOTA SADAFFAA

MAQAAN KAN BIRAA HIN JIRU

HOJII ERGAMOOTAA 4- KAN HIN BARANNE, NAMOOTA NAMOOTA KAANIIN TOKKO TA'AN(AKASUMAAN TA'AN) YESUUS WAJJIN

ARGISIISTUU BARNOOTA 3FFAA

Mul'istuu

Seensa

Barnoota 3ffaa: Hoji ergamootaa 4

- Pheexiroosii fi Yohaannis hidhamuu
- Fayyinni karaa kan biraa tokko hin jiru
- Yaada calaqqisiisuu
- Barsiisa
- Fuula Yaa'ii dura
- Hiikaman
- Kadhannaa

SEENSA

Ergaan yookaan dubbiin Pheexiroosii fi Yohaannis namoota isaan hiisisan muraasa baayyee aarse(mufachiise). Namoota murtii sobaa Isatti murteessanii Yesuusii, hidhanii fannisan dura dhaabatanii ija-jabummaa akkasiitiin dhugaa ba'uun isaanii dhaggeeffachuun nama dinqisiisa. Gocha Yesuus irra gaheen wal fakkaatutu isaan irra ga'a ta'a laataa? Jarri dubbachuu sakkaniiruu? Luqaas akka nutty himetti jarri " Hafuura Qulqulluudhaan guutamanii" wanta ta'e hundumaa, namichi naafa ture Maqaa Yesuusiin ka'ee deemuu isaa dubbatan.

Jarri leeyya'aa/sodaachaa dubbatanii? Waa'ee wantoota arganii fi dhaga'anii jarri dubbachuu sodaataniiruu(shakkaniiruu)? Deebiin namoota isaan dhaggeeffatanii maal turee? Namootni miseenta_namoota murtii kennanuu kan Yihudootaa ta'an waa'ee jaraa maal hubatanii? Maqaa Yesuus akka hin dubbane yookaan akka hin barsiisne yeroo dhowwaman deebiin isaanii maal turee?

Yeroo hidhaa irraa gadhiifaman gabaasa kanaa hiryoota isaaniitti himuuf deebi'an. Yeroo isaan seenaa waa'ee carraa dinqisiisaa, dhugabaatota Yesuus ta'uu isaaniitin argatanii dubbatanu dhaggeeffachuu mee yaadaa. Mee amma egaa gabiidhaan jaraa wajjin taa'aatii wajjiniin kadhadhaa. Wanta isaan kadhatan ilaalatii, yeroo isaan fuula Goftaatti geggeessitoonni biyyaa kan isaan lolaa jiranu isaan utuu hin ta'in, Gooftaa, Kirstoos Isa dibamaa, Yesuus ta'uu isaa yeroo isaan dubbatanu dhaggeeffadhaa!

BARNOOTA 3FFAA

Kutaa 1ffaa

SEENSA: Pheexiroos ergaa isaa keessatti jechoota raajotaa kan akka Musee, Saamu'elii fi Abrahaam dhfaatii Yesuus, Masichaa, fi Waaqayyo du'aa akka Isa kaasuuf jiru raajuuf itti gargaaramanitti fayyadame. Ergaan Pheexiroos hanga inni waa'ee Masichi warra du'an keessaa kaafamuu dubbatuutti haala gaariin deemaa jira. Saduuqonni, gartuu namoota du'aa ka'uutti hin amaneeti.

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 4:1-44 dubbisaa.

SHAAKALA:

1. Utuu Pheexiroosii fi Yohaannis dubbatanuu eenytu isaanitti dhufee (lakkoofsa 1)?
   _____
   _____
   _____
2. Maaltu baay'isee isaan mufachiisee(lakkoofsa 2)_____
   _____
   _____
3. Pheexiroosii fi Yohaannisiin mall godhanii(lakkoofsa 3)?_____
4. Yoo isaan hidhamani illee maaltu ta'ee(lakkoofsa 4)?
   _____
   _____
   _____
5. Guyyaa itt aanutti, Pheexiroosii fi Yohaannis fuula eenyuu dhaabatanii(lakkoofsa 5-6)?
   _____
   _____

   Maqaa kana keessaa muraasni, maqaa yeroo murtiin Yesuusitti murteeffame turee wajjin wal fakkaataa?

6. Nasmootni kun maal baruu barbaadanii(lakkoofsa 7?)

_____

_____

_____

7. Pheexiroos_____guutamee(lakkoofsa 8) akkas jedhe namicha naafa kanaaf maaliif wanti gaariian akka isaatti mul'ifame, akkasumas, akkamiin akka inni fayye gaafattu yoo ta'e, kana beekaa… Namoota isaan hadheessa jiranutti maal labsee(lakkoofsa 10)? Namich amma fayyaa ta'ee isin dura dhaabatu kun_____ nama Naazreet, isa isin _____ fi Waaqayyo garuu warra _____

8. Lakkoofsa 12 keessatti Pheexiroos fayyinni_____ malee karaa biraa akka hin jirre labsa! Itti fufee maal jedhaa?

_____

_____

_____

9. Manni murtii sun Pheexiroosii fi Yohaannis keessatti maal argee(lakkoofsa 13)

_____

Waa'ee namoota kana lamaanii maaltu isaan dinqisiisee?

_____

10. Kan biraa maal hubatanii?

_____

11. Lamichi naafti inni fayye Pheexiroosii fi Yohaannisii wajjin dhaabachaa jira. Jarri maal jechuu danda'uu? Kanaaf akka isaan yaa'ii keessaa gadi ba'anu abboomanii, _____ jalqaban(lakkoofsa 15).

12. Dhimmi isaanii maal turee(lakkoofsa 16)?

_____

13. Rakkoon maal turee?

    a. _____

       _____

b. _____

_____

14. Furmaatni isaanii ,maal turee(lakkoofsa 17)?

_____

_____

_____

15. Jarra Pheexiroosii fi Yohaannisiin gara manaatti ol waaman. Maal isaan abboomanii(lakkoofsa 18)?

_____

_____

16. Abboommii isaaniitiif deebiin Pheexiroosii fi Yohaannis maal turee(addumaan lakkofsa 20 keessatti)?

_____

_____

_____

17. Warri mana murtii isaan sodaachisanii akka isan_____(lakkoofsa 21).
18. Want isaan hubachuu hindandeenye maayinnii?

_____

19. Wanti rakkoo isaanitti fidaa ture maayinnii?

_____

20. Waa'ee namich naafaa fayye sanaa maaltu nutti himamee(lakkoofsa 22)?

_____

SAMMUUUTTI QABACHUU: Hojiin Ergamootaa 4:12, hawaasa ammayya'aa kanatti cimsee dubbata. Namoonni karaa ittiin fayyina jedhanii amana wantoota kan lakkoofsaa baay'ee uummataniiru. Namoonni tokko tokko hojii gaarii hojjechuudhaan fayyina jedhu. Namootni kaan ammo amantii abaabilee keenyaatiin fayyina jedhanii amanu. Kan birraa ammo namoota gaarii waan taaneef gaarummaa keenyaan fayyina jedhanii amnu. Namoonni tokko tokko akkamiin akka fayyanu ilaachisee yaada adda adaa yoo qabatan illee, Hojii Ergamootaa 4: 12 keessatti, akka Waaqayyo dubbatutti dhugaan jiru mul'ifameera."

“_____ karaa kan biraa tokko illee hinjiru, _____nuuf ta’u_____”

Nuyi Maqaa Yesuus qofaan fayyine! Kutaa kana yaadannoo(kaardii Indeeksii) kan biraa irratti barreessaa. Dugda kaardii keessanii irratti karaa namootni ittiin fayyina jedhanii yaadan wantoota garagaraa hubattan yaadannoo keessan irratti barreessaa. Raadadhaa, fayyinni karaa Yesuus qofaa argama!

Kutaa 2ffaa

YAADA OFII CALAQQISIISUU:

1. Yeroo nanootumti geggeessitoota amantii ta’an kun fannifamuu Yesuus turban muraasaa fuldura Pheexiroosii fi Yohaannisiin hiisisuu isaanii ilaallu, seenaan kun baay’ee babaachisaa ta’uu isaa hubanna. Pheexiroos guyyaa sana waaree booda ija-jabummaadhaan namoota walitti qabamanii waan ta’e dinqisifachaa gara mana qulqullummaa seenaa jiranutti wangeela lallabe. Namich naafti fayyeera! In fayye qofa utuu hin ta’in, namichi asii fi ach adeemee, utaalee Waaqayyoon galateeffatee of ilaalaa ture. . Pheexiroosii fi Yohaannis namich callisiisuu irra, carraa argame sanatti gargaaramanii irra deebi’uudhaan waa’ee Yesuus namich Naazireet, Isa geggeessitoonni amantii dabarsanii kennanii, Isa gananii ajjeesnaan, Waaqayyo warra du’an keessaa Isa kaasee dubbatan. Pheexiroos cimsee kana kan godhe amanii Yesuus biraa dhufee dha, akkasumas Maqaan Yesuusiin namichi kun fayyina guutuu ta’e argachuu isaa dubbate.
2. Hanga lubootni, itti gaafatamaan eegdota mana qulqullummaa fi Saduuqonni Pheexiroosii fi Yohaannisiin hidhanutti, wanti hundinuu qajeelaa ta’ee waan deemaa ture fakkaata(Luqaas 22:52). Maaliif isaan hidhanii? Pheexiroosii fi Yohaannis namoota barsiisaa akkasumas karaa Yesuus du’aa ka’uun jiraachuu labsaa turan. Namootuma kana godhantu immoo deebi’ee akka Yesuus du’aa ka’een, eegdotaaf dhoksaadhaan qarshii kaffalanii, utuu isaan rafanuu bartoonni Isaa dhufanii reeffa Yesuus fudhatan kan jedhu oduu sobaa akka facaasanu kan taasisan ta’uu yaadadhaa(Maatewoos 28:13). Akkasumas Saduuqonni du’aa ka’uun jiraachuu akka hin amanne yaadadhaa.
3. Du’aa ka’uun Yesuus namoota keessatti deebii uume. Hojee Ergamootaa 2:32,37 keessatti Pheexiroos waa’ee maalii lallabaa turee; deebiin namootaa hoo maal

turee?_____

_____

_____

_____

4. Hojii Ergamootaa 3:15 keessatti Pheexiroos waa'ee maalii lallabnaan, Hojii Ergamootaa 4:2 keessatti deebiin namootaa maal turee?

   _____

   _____

   _____

GAAFFILEE JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU: Macaafni Qulqulluun waa'ee Yesuus warra du'an keessaa ka'uu nu barsiisa. Ergaa gara warra Roomaa 10:9 keessatti akka nutty dubbatametti:

_____ akka

ta'e_____ yoo

_____ Waaqayyo

_____ immoo

_____ _____

1. Barsiisa kanaaf deebiin keessan maayinnii?

   _____

   _____

2. Du'aa ka'uun Yesuus jireenya amma jiraattuu fi du'aa ka'uu kee isa dhufuuf jiruuf hiika maalii

   qabaa?_____

   _____

   _____

   _____

BARSIISA: Dhugaa ganuun hin danda'amne tokko, addunyaa keenya kana keessaa namootni baay'een du'aa kan'uutti hin amanan, du'aa ka'uu Yesuusitti hin amanan, kanaaf ofii isaaniitif abdii hin qabanu. Ergamichi Phaawuloos, Yesuus du'aa hin kaane utuu ta'ee, maal jechuu akka ta'e nutti dubbata. 1 Qorontoos 15:12-22.

1. Du'aa ka'uun hin turre utuu ta'ee, egaa waa'ee Yesuus maal jedhaa(lakkoofsa 13)?

   _____

   _____

   _____

2. Egaa Ergamichi Phaawuloos wa'ee lallaba isaatii fi waa'ee amantii keenyaa maal jedhaa(lakkoofsa 14)?

   _____

   _____

3. Phaawuloos falfii isaa in jabeessa. Inni sun waa'ee keenya maal jedhaa(lakkoofsa 15)?_____

   _____

   _____

4. Akka lakkoofsa 16 fi 17tti waa'ee amantii keenyaa maal jedhaa?

   _____

   _____

5. Lakkoofsa 18 keessatti Phaawuloos waa'ee namoota duraan du'anii dubbata. Wa'ee isaanii hoo?

   _____

   _____

   _____

6. Xuura irratti, akka Phaawuloos jedhutti, Nuyi Kiristoosiin jireenya lafa irraa kana qofaaf amanna yoo ta'e, egaa waa'een keenya hoo(lakkoofsa 19)?

   _____

   _____

7. Lakkoofsi 20n jecha guddaa xiqqaa fakkaatu tokkoon,

   _____ eegala Dhugaan Phaawuloos barreessu maayinnii? "Amma garuu

   _____keessaa_____

   _____ warra_____ka'e.

   _____karaa nama tokkoo dhufe.

   _____- dhufeera.

Harkisa_____ akkasuma harkisa_____in jiraachifamu.

Kutaa 3ffaa

YAADA OFII CALAQQISIISUU(kan itti fufe): Mee gara mana murtii bakka Pheexiroosii fi Yohaannis himatamanii fuula warra murtii kennuu dura dhabatanitti haa deebinu.

1. Lakkoofsi 13 wantoota akka ilaalchaatiin kaa'uu nu gargaara. Namoonni Pheexiroosii fi Yohaannisiin walitti dhufan sun namoota baratanii dha. Isaan beektota Kakuu Moofaa kutaa macaafa qulqulluuti. Isaan seera beekuu, sammuuttis qabataniiru. Isaan seera irratti seera kan ofii isanii, kan namoota warra kaan caalaa namota amantii isaan fakkeessu itti dabalataniiru. Jarri duuka-buutota mataa isaanii sababii qabauu fi xalayaa seeraa waan qabanuuf, eenyummaa ofii isaaniitiin of jaju turan. Egaa isaan kun amma namoota lama kan ija jabummaa adda ta'e qabanu, ija-jabummaa namoota walitti qabaman hundumaati mul'ate, fuula isaanii dura dhaabatanii argu. Lakkoofsa 8 keessatti Pheexiroos Hafuura Qulqulluudhan guutamee, dubbii jabaa fi baay'ee bu'uura ta'e dubbata. Inni aangoo isaanii, humna isaanii fi beekumsa isaatiin hin raafamne. Inni waan beekuuf waan amanu dhugaa bahe. Akkuma Yesuus inni "Dhuga baatuu Kooti" jedhee bubbate Pheexiroosis akkasuma ta'e(Hojii Ergamootaa 1:8). Ija-jabinni akkasii burqaa biraa irraa dhufe sababiin isaas namootni isaan hadheessan kun, isaan _____ _____ ta'uu hubatan(Hojii Ergamootaa 4:13). Akka namoota hin barannee fi namoota akkasumaanii isaaniin jechuudhaan pheexiroosii fi Yohaannisiin ibsa.
2. Wanti inni itti aanu kan warra yaa'ii sanaa dinqisiise, Pheexiroosii fi Yohaannis _____ wajjin turuu isaanii hubachuu isaaniiti(lakkoofsa 13). Eenyutu isaan baree/hubatee? Dubartittiin ishe yommuu inni ibidda ho'ifatu bakka yaa'ii sanaatti Pheexiroosiin hadheessnaan , Pheexiroos immoo Yesuusiin ganuudhaan xumuree? Namicha Malkoos jedhamu kan Pheexiroos gurraa isaa kutee dhaa? Eegduu mana qulqullummaa yookiis angafa luboootaa yokiis Fariisota warra utuu Pheexiroosii fi Yohaannis jiranuu Yesuusiin iddoo dhaabbaa/qonnaa sanaa keessatti hidhanii dhaa?

Mana kana keesaa dubartiin kun yookaan Maalkoos akka hin turree ni beekna, garuu eenyu namoota sana akka bare hin beeknu. Garuu waa'ee ofii isaanii waan isaan jedhan beekuu dandeenya. "Namootni kun…"

_____

_____."

GAAFFII HOJII IRRA OOLCHUU: Namootni akka tasaa yeroo isin argan, jechoota Pheexiroosii fi Yohaannisiin jedhan "isaan Yesuus duukaa turan" isiniin hin jedhuu?_____

_____

_____

_____

YAADA CALAQQISIISUU(kan itti fufe):

1. Ammas jarri murtii kennanuu fi namootni achitti walitti qabaman hundi duuka buutota Yesuus kana waan godhan wal'aalan. " Namoota kana maal goonuu?" " Yaadadhaa, jalqabatti akksuma, yeroo murtii sanatti Yesuusiin maal akka godhan wal'aalanii deddeebisanii /irra deddeebi'anii dabarsanii Isa kennaa turan. Inni gara Haanna fi Qayyaafaatti idamee, Philaaxoositti dabarfamee kennamee, darbees Herodisitti dabarfamee kennamee, as deebisamee Philaaxoositti kennamee, isa booda namoota baay'ee/tuuta snatti kenname. Kun wanta Pheexiroosii fi Yohaanis irra gahuuf jeru turee? Rakkoon sun maal turee(lakkoofsa 14, 16)?

   _____

   _____

   _____

2. Kun walumaa galatti nama kolfisiisa yookaan qoosaa fakkaata. Jarri sagalee misiraachoo/ oduu gammachiisaa waa'ee dinqii hojjetame sanaa akka inni hin tamsaane dhaabuu waan dand'an itti fakkaate. Maqaan Yesuus iddoo hundumaatti tamsa'uu isaa dhaabuu waan dand'an itti fakkaate! Namootni sun lammaffaa Maqaa Yesuusiin akka hin dubbanne of eegannoo/akeekkachiisa isaanitti kennan. Kanaaf akka Pheexiroosii fi Yohaannis Maqaa Yesuusiin hinddubbanne yookiis hin barsiisne isaan abbooman. Ammas irra deebi'ee ija jabummaa fi gootummaan Pheexiroosii fi Yohaannis in mul'ate.

Maal deebisanii(lakkoofsa 20)?

_____

GAAFFILEE JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Isin utuu Pheexiroosii fi Yohaannis taataaniittu ta'e, dubbachuu hin dhiistu/dhaabdu turtanii?

   _____

   _____

   _____

2. Namootni takkaa waa'een Yesuus kun tamsa'uu irraa akka dhaabatuuf waan isin irratti hojjetanuu yaadanii beekuu?_____

   _____

   _____

3. Wanti cal isni jechisiisuu danda'u maalii? Waa'ee waan argitanii fi dhageessanii dubbachuu irraa wanti isn dhowwaa jiru jiraa?_____

   _____

   _____

Kutaa 4ffaa

SEENSA: Itti fufee wanta ta'e utuu hin laalin seenaa kana keessaa ba'uu hin dandeenyu. Yaa'ichi akkamiin akka isaan adabu murteessuu waan hindandeenyee fi namootni hundinuus waan ta'ee Waaqayyoon galateeffachaa waan turaniif, Pheexiroosii fi Yohaannis in gadhiifaman (ni hiikaman)(Hojii Ergamootaa 4:21-22). Egaa Pheexiroosii fi Yohaannis eessa deemanii? Maaltu isaan irra gahee?

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 4:23-41 dubbisaa.

SHAAKALA:

1. Lakkoofsa 23 keessatti Pheexiroosii fi Yohaannis gara _____tti utuu deebi'anuu argina. Wanta loboonni fi maanguddoonni isaanitti himan utuu isaan_____ _____ argina.

2. Wantoota isaan himaniif/gabaasaniif deebiin namootaa maal turee (Lakkoofsa 24)? _____ _____ _____

3. Jalqaba gabaasatu dhufe; itti aansee kadhannaatu dhufe.
   a. Isaan Uumaa isaanii beeksisan: _____
   b. Akka isaan abbootii isaanii duraa, Daawit faa irraa beekanutti, kan aryatamaa jiru_____ _____(lakkoofsa 26b).
   c. Namoota Yesuus irratti ka'an sanaan wanta uumame sana yaadatan. Maal hubatanii(lakkoofsa 28)? _____ _____ _____

4. Lakkoofsa 29 fi 30 keessatti kadhannaan isaanii maal turee?_____ _____ _____ _____ _____ _____

_____

_____

5. Waaqayyo karaa adda ta'een, isaan gidduu jiraachuu isaa mirkaneesse(lakkoofsa 31)?

_____

_____

_____

_____

_____

_____

_____

HOJIIRRA OOLCHUU:

1. Ani waanan gabaasu/dubbadhu maalan qabaa?

_____

2. Gabaasa koo eenyuu wajjinan hirmaadhaa?

_____

3. Waa'ee gabaasa kootii(waanan dubadhuu) eenyuu wajjinan kadhadhaa?

_____

4. Yeroo gara fuulduraatti deemnu waa'ee ergama Waaqayyoo kadhannaan keenya maalii?

_____

KADHANNAA: Yaa Waaqayyo Abaa, Ati waaqaa fi lafa, galaanaa fi isaan keessa kan jirratanu hunda uumnteetta. Ati Hafuura Kee Qulqulluudhaan,karaa afaan garboota kee, warra qulqulloota macaafa qulqulluu barreessaniin dubbateetta. Ati karaa Sagalee keetii, kan ari'atu Yesuusiin, Goofiticha Isa dibamaa akka aryatu mul'isteetta. Namootni Ilamakee Isa qulqulluu, Yesuus Isa dibamaa, irratti ka'anii. Isaanis akka raawwatamuuf dursee waan murteeffame, wanta humni kee fi fedhiin kee eeyyame ni raawwatan. Amma Yaa Gooftaa gara sodaachisuu isaanii ilaalii, ani garbichi kee Sagalee Kee ija jabina guddaadhaan akkan dubbadhu na dandeessisi. Maqaa qulqulluu Ilma Kee Yesuusiin, fayyisuuf, dinqii hojjechuu fi hojii ajaa'ibsiisaa hojjechuuf harka kee diriirsi.

BARSIISA: Kadhannaan akka fakkeenyaatti isiniif barreeffame kun, kan nuti ittiin Dubbii Waaqayyootti gargaaramnee, Sagalee Isaa gara Isaatti deebisnee kadhannuu dha. Kadhannaan kun kadhannaa waldootni duri, yeroo Pheexiroosii fi Yohaannis gara isaaniitti deebi'an kadhantaniidha. Dubbiin kun amma jireenya keenyaafis in ta'a. Waaqayyoon akka Waaqa waan hundumaa danda'uu fi akka fayyisaa isaaniitti beeksisan/amanatan. Sagalee Hafuura Qulqulluudhaan karaa abbaa isaanii durii, karaa afaan Daawit dubbatame yaadatan. Daawit waa'ee ari'amuu Yesuus, Masichaa , Kirstoos Isa dibamaa irra ga'uuf jiruu dubbate. Gocha namoota isa irratti ka'anii yaadatanii, ammas kan isaan irratti ka'aa jiru namootuma sana akka ta'an yaadatan. Kadhannaan isaanii ija jabummaa guddaadhaan dubbii Waaqayyoo dubbachuu fi Waaqayyo akka harka Isaa diriirsee, karaa Maqaa Yesuusiin namoota dhukkubsatan fayyisee, mallattoo dinqisiisaa fi wanta nama ajaa'ibsiisu akka hojjetu kadhachuu ture.

Kadhannaan kun kadhannaa keessan kan guyyaa hundumaa akka ta'u, Waaqayyo Dubbii Isaa ija jabummaa guddaadhaan akka dubbatanu, Waaqayyo karaa hundaan harka Isaa diriirsee, Maqaa Ilma Waaqayyoo, Yesuus, Isa qulqulluu sanaan akka fayyisu fi mal'attoo dinqisiisaa akka hojjetu, kadhannaa kana akka kadhattanu isin jajjabeessina.

BARNOOTA AFURAFFAA

DEEMI,DHAABADHUU DUBBADHU

SEENAA HOJII ERGAMOOTAA BOQONNAA 4 FI 5 KEESSAA-ABBOOMAMUU GOOTAA

ARGISIISTUU BARNOOTA 4FFAA

Argisiistuu

Seensa

Barnoota 4ffaa: Hojii Ergamootaa 4-5

- Tokkumaa Waldaa ishee Jalqabaa
- Anaaniyaa fi Saphiiraa
- Amala dabalataa kan waldaa ishee jalqabaa
- Ammas hidhaman!
- Dhugabaatuu yaa'ii mana Qulquluummaa keessaa
- Koree duratti

SEENSA

Barnoota 4ffaa keessatti tokkummaa amantoota waldaa ishee durii ilaalla. Tokkummaan isaanii akkaataa isaan jireenya isaanii itti jiraachaa turan keessatti mul'achaa ture. Hojiin Ergamootaa 4, garaa tokkoo fi yaada tokko qabaachuu fedhii gudaa isaan qabanu nutty argisiisa. Wantoota qabanu hundumaa faayidaa waliinii fi tokkummaadhaan itti gargaaramaa turan. Jireenyi isaanii walii wajjin hawaasa ture. Lakkoofsa 32-37 yeroo dubbifattanu, waldootni jaarraa 21ffaa keessa jiranu, hawaasa dhuga-baatuu ta'uu keessatti, tokkummaa akkamitti akka isaan ilaalanu ilaalaa.

Anaainyaa fi Saphiiraan maaliif hammina akkasiitiin ilaalamanii? Sun maaliif barbaachisee? Hawaasa jireenyi "Dhuga ba'umsa kooti" jedhee hubachuu jalqabe kana keessatti, gochi isaanii rakkoo maalii fida fida turee? Amalli gowwomsaan akkasii, akkamitti waldaa ishee durii sana sodaachisee balleessee?

Egaa namni tokko " Maal jarri kun hin baratanuu?" jedhee gaafachuu hin obsu. Ergamootni ammas deebi'anii hidhamanii, namoota abbaa murtii fi warra biyya bulchanu/mootota dura dhaabachaa turan. Eeyyee, ija jabummaa fi gootummaadhaan yaa'ii mana qulqullummaa duratti dubbachuu irraa dhokachuun yookaan dhoksuun nagaa qaba ture. Namni tokko, jechoota Yesuus bartootaa duratti akkas jedhee dubbate yaadachuu hin obsu, " Namni naduukaa bu'uu barbaadu ofii isaa haa ganu, fannoo isaa baadhatee naduukaa haa bu'u. Lubbuu isaa oolchuu kan barbaade isa hin dhaba, anaaf jedhee lubbuu isaa kan gatu garuu in argata" (Maatewoos 16:24-25).

DEEMII ,DHAABADHUU DUBBADHU

BARNOOTA 4FFAA

Kutaa 1ffaa

SEENSA: Barnoota 2ffaa, kutaa 1ffaa keessatti, amaloota waldaa ishee durii kan Hojii Ergamootaa 2: 42-47 keessa jiru ilaalleerra. Seenaa dabalataa Hojii Ergamootaa keessa jiranu itti fufnee ilaaluu keenya dura, Luqaas amala dabalataa kan waldaan durii sun, yeroo amantootni waliin haawaasa keessa, dhugabaatuu Goofticha du'aa ka'ee gara waaqaatti ol bahee sana ta'anii jiraachaa turanii, gidduu isaaniitti guddachaa dhufe nuu hira.

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 4:32-36 dubbisaa.

SHAAKALA:

1. Lakkoofsa 32a keessatti, waa'ee amantoota sanaa maaltu nutty himamee?
   _____
2. Tokkummaan garaa fi yaadaa kun akkamiin ofii isaa of mul'isaa turee(Lakkoofsa 32b)?
   _____
   _____
   _____
3. Dubbiin du'aa ka'uu geggeessitoota amanii irratti rakkoo uume. Kun ammo hidhamuu Pheexiroosii fi Yohaannis fidee, isaanis Maqaa Yesuusiin akka hin barsiisne yookaan hindubbanne of eeggannoon itti kenname(Hojii Ergamootaa 4:18) Lakkoofsa 33 keessatti maaltu nutti dubbatamee?_____
   _____
   _____
   Waa'ee du'aa ka'uu Yesuus dhugaa ba'uu itti fufan qofa utuu hin ta'in, akka isaan _____ fi _____ nutti dubbatame!
4. Pheexiroosii fi Yohaannis lakkoofsa 20 keessatti geggeessitoota amantiitti maal dubbatanii?
   _____

_____

Isaan jechoota/waadaa isaanii in eegan!

5. Isaanii wajjin jiraachuun Waaqayyoo in mul'ata ture.
   _____ Isaa isaan irratti dhangala'eera(lakkoofsa 33b)
6. Waa'ee tokkummaa fi qabeenya isaaniitiin arjummaa qabaachuu waldaa ishee durii barranneerra. Akkasumas waa'ee Yesuus warra du'an keessaa kaafamuu, dhuga-ba'umsi isaanii akka itti fufe baranneerra. Ayyaanni Waaqayyoo hunduma isaaniirra ture. Lakkoofsi 34 fi 35 barsiifataa fi amala waldaa ishee duraa waan dabalataa nutty dubbata. Maaltu nutti himamee?

   _____

   _____

   _____
7. Itti fufee lakkoofsa 36-37 keessatti, addumaan fakkeenya nama tokko ilaalla. Namichi eenyu turee?

   _____

   _____

   _____

   Waa'ee isaa maaltu nutty himamee?

   _____

   _____

   _____

HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Amantoota hundumaa gidduutti tokkummaa qabaachuun maal fakkaata ture laataa? Walirratti ka'uu fi wal qooduun yeroo baay'ee barsiifata amaloota namoota Waaqayyoo gidduu jiru dha. Akkuma tokkummaan bareedu, wal qooduun immoo nama jibbisiisa. Waa'ee tokkummaa muuxannoon yookaan shaakalli keessan maal fakkaataa? Waa'ee namoota garaa tokkoo fi yaada tokko qabanuu ilaalchisee wanti bareedaan yookaan hawwataan isin argitan maalii? Wantoota kanneen armaan gadii keessatti tokkumaa fidan meel laalaa:

a. Gaa'ila

_____

b. Maatii

_____

c. Waajjira/ bakka hojii

_____

d. Waldaa

_____

2. Akkamiin Barnaabaasiin, isa gargaarsaa fi jajjabina namoota kaaniif, karaa qabeenya keessanii, addumaan ammo hiyyeessota tokkummaa amantootaa isin keessa jiraattanu kanaaf kennu, ta'uu dandeessuu?

_____

_____

_____

_____

Kutaa 2^{ffaa}

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 5:1-11 keessaa seenaa Anaaniyaa fi Saphiiraa dubbisaa. Barnaabaas fakkeenya namoota garaa fi yaadaan amantootaa wajjin tokko ta'aniiti. Seenaa itti aanu fakkeenya maatii amantoota gowwomsuu filataniiti.

SHAAKALA:

1. Anaaniyaa fi Saphiiraan maal hojjetanii (lakkoofsa 1)?

_____

Anaaniyaan qarshichaan maal hojjetee(Lakkoofsa 2)?

_____

_____

_____

2. Saphiiraan waa'ee gurgurtaa qabeenya isaanii, waa'ee qarshii irraa hambisaanii fi isa kaan gara ergamootaati fiduu maal beekti turtee (Lakkoofsa 2-

3)?_____

_____

_____

3. Lakkoofsa 3 keessatti Pheexiroos Anaaniyaa waamee waan hojjete akka himu isa gaafata.
    a. Garaasaa eenytu guutee?

        _____

        _____

        _____

    b. Kun maal akkan inni hijjetu isa kakaasee?

        _____

    c. Inni isaan qofa utuu hin taane, kan biraa eenyuun sobee?

        _____

4. Pheexiroos Lafa qabaachuu isaatiif Anaaniyaa hin hadheessine. Inni qarshii Anaaniyaan qabeenya isaa itti gurguratee qabaateef isa hin hadheessine. Sobni isaa maal turee? Akka Pheexiroos, "Hojii kana akka hojetuuf maaltu soba _____ kee keessaa kaa'ee" jedhu maaltu taasisee? Ati _____ sobde miti, garuu_____(Lakkoofsa 4)" Anaaniyaan maal godhee?

    _____

    _____

5. Anaaniyaarra maaltu ga'ee(lakkoofsa 5a)?

    _____

6. Namoota waa'ee isaa dhaga'an hunda irra maaltu ga'ee(lakkoofsa 5b)?

    _____

7. Anaaniyaa baasanii awwaalan(lakkoofsa 6). Gara saatii sadii booda maaltu ta'ee(lakkoofsa 7)?

    _____

    _____

8. Pheexiroos maal ishee gaafatee(lakkoofsa 8)?_____
9. Sheenis akkas jettee deebiste:

   _____

10. Itti fufee Pheexiroos akkas jedhee ishee gaafate, "Hafuura Waqayyoo_____ akkamitti walii galtanii?"
11. Itti fufee maal isheetti himee (lakkoofsa 9b)?

    _____

    _____

    _____

12. Battaluma sanatti(lakkoofsaa 10a)

    _____

    Kana booda dargaggootni(lakkoofsa 10b)

    _____

    _____

    _____

13. Waa'ee waldaa fi waa'ee namoota waan ta'e kana dhaga'anii maaltu nutti himamee(lakkoofsa 11)?

    _____

    _____

    _____

YAADA CALAQQISIISUU: Inni kun seenaa galmaa'aa cubbuu hamaa isa jalqabaa waldaa ishee durii keessatti hojjetameedha. Amaaninyaa fi Saphiiraan beekanii fedha isaaniitiin waldaa fi Waaqayyoon soban. Qarshii qabeenyaa isaanii gurgaranii argatan hunda, warra deeganiif akka isaani hiraniif ergamootatti/duuka buutotatti waan kennan fakkeessan. Duuti addabbii isa cimaa fakkaachuu danda'a.

1. Cubbuun kun maaliif akka ciminaan ilaalamee fi tarkaanfii cimaan akkasii maaliif akka irratti fudhatame mee yaadaa:

   _____

_____

_____

2. Cubbuun gowwomsaa waldaaf akka balaa ta'u maaltu taasisee?

_____

_____

_____

KADHANNAA: Yaa Gooftaa, anis akkuma Anaaniyaa fi Saphiiraan amala cubbuu hirmadha. Anis utuu wanti gariin tokko namummaa yookan foon koorra hinjiraatin, kanas utuun beekuu, nama gaarii fakkaadhee mul'achuun barbaada. Namoota biratti nama gaarii fakkaachuuf sobuu yoo nabarbaachise illee itti hirmaachuu koo nan himadha. Yaa Gooftaa, namaari. Gaarii akkan fakkaadhu kan na dandeessisu Si qofa ta'uu akkan hubadhuu fi amanu na dandeessisi. Doggora koo dhokataa hundumaattii na maari. Ati qofti garaa qulqulluu na keessatti uumiitii, hafuura haaraa isa sirrii ta'e na keessatti haaressi. Ija jabummaa fi ofitti amanuudhaan fuula Abbaa koo Isa Waaqa iraa dhaabachuu kan na dandeessisu gaarummaa kee qofaa ta'uu akkan amanu humna kee naaf

keni._____

_____

_____

Kutaa 3ffaa

BARSIISA: Hojii Ergamootaa 5:12-16 keessatti, waa'ee amaleeffannaa waldaa ishee duriitiin hundeeffamee irra caalaa baranna.

1. Lakkoofsa 12 keessatti akka nutty himamettei, ergamootni

_____

_____

_____

2. Akkasumas lakkoofsa 13 keessatti, amantoonni hundi_____, garuu akkuma isin yaaduu dandeessan, yeroo namootni kaan waa'ee Anaaniyaa fi Saphiira dhaga'an, ilaalchi namootaa ergamoota irra ta'e.

3. Akka lakkoofsa 14 nutti himutti_____
_____
_____

4. Itti fufnee waan haaraa tokko dubbisna. Lakkoofsa 15 keessatti maaltu nutti himamee?
_____
_____
_____

5. Warri dhukkubsatanii fi warri hafuuronni hamoonni rakkisan gara ergamootaatti fidamanii_____
_____
_____ (lakkoofsa 16).

6. Waa'ee fayyuu namoota dhukkubsatanii ilaalchisee, amaleeffanaa waldaa sanaa maal hubattuu?
_____
_____
_____

7. Yeroo lakkoofsa 16 dubbisnu, waa'ee namoota mandarootaa naannoo Yerusaalemii walitti qabamanii, wanti haaraan nuti arguu jalqabnu maayinnii?_____
_____
_____

SEENSA: Seenaa itti aanu keessatti garuu, rakkinni utuunni isaan raasuu eegaluu argina. Angafni lubootaa fi namootni isaa wajjin turan hundi_____ guutaman. Sun namtti hin toluu? Hojii Ergamootaa 4:8 keessatti akka dubbisnutti,fakkeenyaaf, Pheexiroosii fi isaan kaanis
_____
_____ guutaman.

Namootni inaaffaadhaan guutaman, ergamoota dhoksuuf jedha namoota hidhaatti naqaa turan. Isaan Hafuura Qulqulluudhaan guutaman immoo, ija jabummaadhaan Sagalee Waaqayyoo dubbatan!

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 5:17-42 dubbisaa

SHAAKALA:

1. Ergamootni qabamanii mana hidhaatti galfaman. Harkan sana maaltu ta'ee(lakkoofsa 19-20)?

   _____

   _____

   _____

2. Egaa ergamootni maal godhanii(lakkoofsa 21)?

   _____

   _____

   _____

3. Yeroo sanatti isaan waitti qabamaa turaan eenyu faa turanii(lakkoofsa 21b)?

   _____

   _____

   _____

4. Isaan ergamootaaf ergan. Jarri bulchitootni maal arganii(lakkoofsa 22)?

   _____

   _____

   _____

5. Isaan maal gabaasanii(lakkoofsa 23)?

   _____

   _____

   _____

6. Deebiin geggeessitoota amantii maal turee(lakkoofsa 24)?_____

   _____

Akka namaatti yeroo ilaalamu manni hidhaa sun of-eeggannoo gudaadhaan cufamee, eegdonni balbala dura akka dhaabatanu taasifame. Yeroo balballi baname garuu, nama tokko illee mana hidhaa sana keesatti hin argine(lakkoofsa 23).

7. Namni hudumtuu dinqisiifatee, maaltu ta'aa akka jiru ajaa'ibsiifate. Kan dubbicha baa'ee wal xaxaa taasise immoo, namni tokko dufee, isaan hidhamanii turan eessa akka jiranu dubbachuu isaati. Isaan eessa turanii (lakkoofsa 25)?

   _____

8. Maal hojjechaa turanii?

   _____

9. Yommus durabuutuun eegdota mana qulqulluummaa fi bulchitoonni, ergamoota fidan. Lakkoosa 26 keessatti waa'ee hidhamuu isaanii maaltu nutti himamee?_____

   _____

   _____

   _____

   _____

Kutaa 4ffaa

YAADA CALAQQISIISUU:

1. Jijjiirama taatee haaraa tokkotu jira, mitii? Namootni abboota mantii ta'an kun amma namoota sodaataniiru. Kun waanuma kanaan dura yeroo hunda ta'aa ture dhaa? Kutaalee macaafa qulqulluu wabiilee armaan gadii keessatti maaltu nutti himamee:
   a. Luqaas 22:2

      _____

      _____

      _____

   b. Maarqoos 11:18_____

      _____

c. Maatewoos 26:4-
5_____

2. Akka yaada ilamaan namaatti yeroo ilaalamu, kan leeyya'uu/sodaachuu qabu ergamoota turan. Kan ajaja namoota Yesuusiin fannisaniitiin hidhamanii jiranu ergamoota. Bakka kanaa abboomiin isaanitti kenname, " Dhaqaa, mana qulqullummaa keessa dhaabadhatii namoota sagalee jireenyaa kana hundumaa dubbadhaa(Hojii Ergamootaa 5:20)" kan jedhuu dha. Isaanis kanuma hojjetan! Ammas deebinee, Hafuurri QUlqulluun akkamiin akka isaan jabeessu argina. Guyyaa sana gara deebi'anii mana qulqullummaatti namoota barsiisan. Ija-jabummaa isaanii fi jabina/gootummaa isaanii akkamiin ibsituu? Namootni kun isaan "_____ sodaatanii(Yohaannis 20:19)" mana cufatanii turan mitii? Maaltu isaan irra gahee?

_____

_____

_____

SHAAKALA:

1. Ergamoonni yaa'ii dura fidaman(Lakkoofsa 28). Himmaatni isaan irratti dhiyaate maayinnii(lakkoofsa 28)?

_____

_____

2. Deebiin Pheexiroos maal turee (Lakkoofsa 29)?

_____

3. Pheexiroos itti fufee, lakkoofsa 30 keessatti maal fidee?

_____

4. Sababii du'aa ka'uu Isaa, Yesuus maal kennee (Lakkoofsa 31)?

_____

_____

_____

5. Waa'ee kanaa dhuga baatonni eenyuu dhaa(lakkoofsa 32)?

_____

fi _____

6. Yeroo kana dhaga'an isaan
   _____ akksumas
   _____ barbaadan.
7. Gamaaliyaal eenyu turee?
   _____
8. Gamaaliyaal nama mana murtiitti yaada murtii dhiyeessuu dha. Inni (jechoota keessaniin) maal jedhaa(lakkoofsa 35-39)?
   _____
   _____
   _____
   _____
   _____
9. Utuu inni dubbatuu namootni dhaga'an,
   _____ fudhatan(Lakkoofsa 39).
   Itti aansanii maal
   hojjetanii?_____
   _____
   _____
10. Deebiin ergamootaa maal turee(lakkoofsa 41-42)?
    a. _____
       _____
       _____
    b. _____
       _____
       _____

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Dhiphina isaniitti gammachuu qabu turan, akkasumas Saganee Misiraachoo Yesuus, Masiyichaa, barsiisuu fi labsuu adaan hin kunne. Akka ergamootni Wangeelaaf jedhanii dhiphatan ani hammamin gudiraa hirmaachuuf fedha qabaa Rakkinni jiraatu illee ani hammamin ija jabummaadhaan Wangeela barsiisuu fi Sagalee Misraachoo labsuuf

Yesuus, utuu addaan hin kutin labsuuf fedha qabaa?_____

_____

_____

_____

2. Ergamich na oolchee, abboommii " Dhaqi, mana ququllummaa keessa dhaabadhuu, ergaa guutuu jireenya haaraa namootatti dubbadhu," Jedhe nan amanaa? Manni qulqullummaa ani keessa dhaabadehee waa'ee Yesuus namoota kaaniif hiruuf jiru maayinnii laataa?_____

_____

_____

_____

_____

KADHANNAA. Yaa Gooftaa Yesuus ergamootni kee akka dhuga baatotaa kee warra ija-jabeeyyii fi jaboo(gootota) ta'anii jiraatanu waan humna isaaniif kenniteef galannii siif hata'u. Isaan nama iraa Siif abboomaman. Isaan waa'ee want arganii fi dhaga'anii akka dubbataniif in dirqaman. Isaan hidhaa, dhiphinaa fi aryatamuu hin sodaanne, garuu Siif abboomamanii, ammas mana qulqullummaa keessa dhaabatanii wa'ee jireenya isa haaraa kanaa namoota barsiisan. Akka ani Siif amanamaa ta'uu fi Si wajjin karaa keerra deemuu na dandeessisi Gatii inni na gaafatu utuun hin laalin, akka ani sodaa malee siif abboomamee, jireenyi koo Sii fi jaalala Kee isa guddaadhaaf, ilmaan namootaa hundaaf dhuga ba'umsa akka ta'u na dadeessissi . Waanan dhaga'ee fi argeef ija jabummaa fi sodaa malee dhuga baatuu akkan ta'u humna Kee na hidhachiisi._____

_____

_____

_____

_____

_____

BARNOOTA SHANAFFAA

NAMICHA AMANTIIDHAAN GUUTUU

HOJII ERGAMOOTAA 6-8-ISXIFAANOS, WAREEGAMICHA

ARGISIISTUU BARNOOTA 5FFAA

Argsiistuu

Seensa

Barnoota 5ffaa: Hojii ergamootaa 6-8

- Isxifaanos Tajaajila Hawaasaaf waamamuu
- Isxifaanosii fi Hadheessitoota isaa
- Lallabni Isxifaanos itti fufe
- Yaada calaqqisiisuu fi Hojii irra oolchuu
- Philiiphoosii fi Simoon
- Pheexiroosii fi Simoon

SEENSA

Waldaan isheen durii ba'aa fedhii tajaajila hawaasaatiin kan muddamtee turte.. Ergamoonni ulaagaa naannoo sana tajaajiluuf barbaachisu murteessan. Mee yaada guutuudhaan ulaagaa isaan tarreessan ilaalaa. Ulaagaalee sana tarreessaatii wantoota filatan sana, maaliif akka isaan tajaajila kunuunsuu fi fedha namoota kaanii guutuuf filatan murteessuu yaalaa. Beekumsi barbaachisaan/ulaagaan wantoota isin tarreessitan keessa jiran maal ta'uu dnada'uu laataa? Tarreeffamni sun wal fakkaataa dhaa?

Isxifaanos filatamee hojii dinqisiisaa hijjecha ture, garuu battaluma sanatti xiyyeeffannaa mormii namoota kaanii keessa gale Isxifaanosiin balleessuuf hagam deemuuf fedha qabaatani turee? Yeroo Isxifaanosiin ilaaltanu, murtoo eenyuu irratti godhame isin yaadachiisaa? Yeroo gaafatame, Isxifaanos gaaffi sana akka carraa waa'ee Yesuus Kiristoos dhugaa ba'uutti ilaale.

Ergamich Pheexiroos "waa'ee sababa abdii isin keessa jiruu eenyu illee yoo isin gaafate yeroo hundumaa deebii kennuuf yookaan of irraa deebisuuf qophaa'aa ta'aa(1 Pheexiroos 3:15)" jedha. Yeroo Isxifaanos namoota isa hadheessaniif deebii kennee of irraa qolatu xiyyeeffannaan dhaggeeffadhaa. Seenaa Yihudootaa keessa deebi'uun, jechoota dhaga ba'umsa isaa akka jechuun xumure, " Isin warra mata jabeeyyii nana, gurra keessanii fi garaa keessan kan dhagna hinqabanne, isin yeroo hundumaa Hafuura Qulqulluu mormitu." Himaannaa guddaa kanaan gara isaatti fiiganii, mandaricha keessaa isa baasanii, dhagaadhaan rukutanii ajjeesan.

NAMICHA AMANTIIN GUUTUU

BARNOOTA 5FFAA

Kutaa 1ffaa

SEENSA: Seenaa itti aanu kana keessatti waldaa hojii irra jirtu argina. Kiristaanummaan dhuunfaadhaan tokkoo fi tokkoon Waaqayyoo wajjin wal arguu qofaa miti. Akkasumas Kiristaani qaama hawaasaa, qaama hawaasa amantootaa ta'a. Jaalalli Waaqayyo nu keessatti dhangalaasu, karaa keenya darbee fedhii namoota kaanii bira ga'a. Isheen kun waldaa ishee hojii irra jirtuudha; waldaa hawaasa kiristaanotaati. Waa'ee waldaa hojii irra jirtuu kana Hojii Ergamootaa boqonnaa 6 keessaa ilaalaa.

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 6:1-7 dubbisaa.

SHAAKALA: Akka lakkoofsa 1 keessa jirutti rakkoon uumama e maalii?

_____

_____

1. Ergamootni kudha lamaan, duuka-buutota hunda walitti qabanii rakkoo sana irratti maryatan:
   a. Kudha-lamaan sun waa'ee itti gaafatamummaa isaanii maal amanu turanii(lakkoofsa 2)?

      _____

      _____

      _____

      Hojii adda adaa yookaan tajaajila namoota qaama waldaa turaanii hubadhaa. Ergamootni hojii tiksummaa " tajaajila Sagalee Waaqayyoo" itti fufan. Sagalee Waaqayyoo lallabuunii fi tajaajillli hawaasummaa wal faana geggeeffamaa waan tureef isaan namoota namoota hojii hawaasummaa " nyaata eeguu" keessatti hirmaatanu addaan baasanii beekuu barbaadan. Hojiin kun lamaanu barbaachisaa turan. Lamaanuu waamicha Waaqayyooti. Tokkoon tokkoon namaa kennaa adda addaatti garggarama

   b. Duka-buutotaaf akka isaan _____ fi _____keessaa filatan itti gaafatamummaan itti kenname(lakkoofsa 3). Nmootni kun maaliin/maaliif beekamaa ta'uu jiruu?

i. _____

ii. _____

2. Bartootni/ergamootni xiyyeeffannaa isaanii

_____

_____

_____

_____fi_____

_____

kennu.

3. Lakkoofsa 5 keessatti maqaan namoota filamanii tarreeffameera. Namin jalqabaa kan isaan filatanii maqaan isaa ibsame_____ dha. Inni akkamiin ibsamee?_____

_____

_____

_____

4. Namootni kun _____ duratti dhiyaatan. Itti fufee lakkoofsa 6 keessatti maaltu nutty himamee?

_____

_____

5. Bu'aan tarkaan fii fudhatamee(hojii hojjetamee) maalii(lakkoofsa 7)?

a. _____

_____

_____

b. _____

_____

c. _____

_____

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Nuti yeroo baay'ee, kennaa nuuf kenname xiqqeessinee ilaaluudhaan, waamicha tajaajilaa itti waamane akka waan waa'ee hin baafneetti lakkoofna. Seenaa kana keessatti kan ibsame,lallabni sabalee Waaqayyoo fi namoota kaan kunuunsuun wal qixa, akka Waangeelli namoota bira ga'uu fi lakkoofsi namoota duuka-buutota ta'anuu akka dabaluuf baay'ee barbaachisoo dha. Waaqayyo waamicha tajaajilaa namoota hundumaatti gargaaramee Wangeelli akka baballatuu fi Mootummaan Isaa lafa irratti akka gudatu taasisa. Waaqayyo akka dhuga-baatota Isaatti nutti gargaarama!

Wanti hubatamuu qabu, ergamoonni waa'ee aadaa of eeggannoo guddaa taasisu turan. Haadholiin iyyeessaa afaan Giriikii dubbatan gargaarsa barbaadanErgamootnis namoota afaan Giriikii dubbatan filanii daaqoniyaa(kuniinsitoota) taasisan. Ergamootni aadaa fi shaakala/barsiifata namoota tajaajilaniitiif of eeggannoo guddaa gochaa turan.
Gaaffii: Waa'ee Waaqayyo dugda-duubee keenyaa wajjin tokkoon tokkoon keenyatti gargaaramee sirriitti namoota kaan tajaajiluu ilaalchisee kana irraa maal barannaa laataa?

_____

_____

_____

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Tajaajila ani namoota kaaniin tajaajilu ilaalchisee kun hubannaa maalii naaf kennaa?
   _____
   _____
   _____
2. Tajaajilan itti waamame akka hojii kootiitti nan laalaa? Akkan dhuga-baatuu Isaa ta'ee fi akka Inni anatti gargaaramee Mootummaa Isaa baballisuu fi guddisu amanee nan jiraadhaa?_____
   _____
   _____
   _____
3. Yeroon ilaalu jijjiiramni na barbaachisu maalii…

a. Yeroon hojiikoo ilaalu?

_____

b. Yeroon ilaalcha koo ilaalu?

_____

c. Yeroon kennaa koo, dandeettii koo, fedha koo fi dandeettii koo uumamaa ilaalu?

_____

d. Yeroon hariiroo koo namoota kaanii wqajjinii ilaalu?

_____

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Mee yeroo gabaabaadhaaf bu'aa(lakkoofsa 7) hojii duuka-buutota durii irratti yaada keessan calaqqisiisaa. Wanta Waaqayyo karaa Isxifaanosii fi kanneen biraa hojjete irratti yaada keessan calaqqisiisaa. Geggeessitootni maqaa gaarii fi amala nama Waaqayoo ta'uu namoota filaman irratti mul'atu ilaalaa turan. Namootni filaman kun namoota Hafuurri Waaqayyoo fi ogummaan keessa guute jedhamanii beekaman. Addumaan Isxifaanos immoo, namicha amantii fi Hafuurri Qulqulluun keessa guute jedhamee beekame.

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Waa'ee koo namootni maal beekuu? Ollaa kootti, Biiroo koo keessatti/baka hojii kootti, akkasumsa iddoo biraa kan ani yeroo baay'ee keessatti argamutti waa'ee koo(amala koo) namoonni maal jedhuu? Namootni kan biraa, wa'ee amala kootii maal jedhuu? Inni amanitti fi Hafuura Qulqulluudhaan guutuu dha naan jedhuu laataa?

   _____

   _____

   _____

2. Haalli koo amala Waaqayyoo calaqqisiisa moo jijjiiramni akka Hafuurri Waaqayyoo ana keessatti uumu barbaadu jiraa? Jijjiiramni ani barbaadu tokko maalii?

   _____

   _____

   _____

Kutaa 2ffaa

ABBALTII: Seenaan Isxifaanos itti fufa. Hojii Ergamootaa 6: 8-15 dubbisaa.

SHAAKALA:

1. Waa'ee Isxifaanos bal'inaan lakkoofsa 8 keessaa baranna.. Waa'ee isaa maaltu nutty himamee?

   _____

   _____

   _____

   _____

2. Kan nama hin dinqisiisna _____ muraasni ka'anii Isxifaanosii wajjin _____ (lakkoofsa 9). Garuu, lakkoofsa 10 keessatti mmaaltu nutti himamee?

   _____

3. Falmiin isaanii akka fiixaan ba'uu hin dandeenye yeroo baran, itti fufanii maal gochuu murteessanii(lakkoofsa 11)?

   _____

   _____

   Falmiiwwan kun tokkoo yookaan walfakkaatuu? Wangeela Maatewos 26:59-61 ilaalaa.

4. Bu'aan dhuga-baatii sobaa maal turee(lakkoofsa 12)?

   a. Lakkoofsa 12 :

      _____

   b. Lakkoofsa 12:

      _____

   c. Lakkoofsa 13:

      _____

      _____

      _____

Hubachiisa: Iddoon qulqqulluun yookaan manni qulqullummaa fi Seerri , kan aadaa/barsiifata Musee jedhamee beekamu kun qabeenyaa baay'ee qulqullaa'aa kan warra Yihudootaa fi kan geggeessitoota mantiiti.

5. Yaa'icha keessa kan turan hundi fuulli Isxifaanos jijjiiramuu arguun isaanii dubbisuun baay'ee namatti tola(Lakkoofsa 15).

_____

_____

SEENSA: Hojii Ergamootaa 7:2-23 keessatti Isxifaanos, Yaa'iin sun nama arrabsite jedhanii akka isa hadheessan bubbatee, amma ammo angfti lubootaa akkas jedhee isa gaafata, "Himatni kun dhugaa dhaa(lakkoofsa 1)?" Isxifaanos namoota isa hadheessanitti waa'ee Yesuus dhugaa ba'uuf carraa akka argate hubate Tartiiba lallaba isaa kan utuu inni seenaa saba Israa'el Abrahaam irraa eegalee hanga Yesuusitti dubbatuu Waaqayyo jireenya Isxifaanos keessatti hojjetu ilaalaa. Waaqayyo Waaqa keenya kan sochii irra jiruudha; Waaqayyoon keenya namoota barbaadee fayyisuu irra jira, Waaqayyoon keenya Abrahaamiin Kaaraanii baasee Musee immoo gara biyya abdachiifameetti geese. Inni Waaqa nama ergu, kan raajota erge, kan Ilma Isaa erge, amma immoo nu erga. Inni kun keessa deebii qo'annaa isin boqonnaalee duraanii keesatti qo'attanii ti!

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 7:2-53 bubbisaa.

SHAAKALA: Lakkoofsa 2-8

1. Kutaa kana keessatti taatonni jalqabaa eenyuu?

   _____

2. Lakkoofsa 3 keessatti abboommiin Waaqyyoo maal turee?

   _____

3. Waaqayyo maal isaaf ergee (lakkoofsa 4)?

   _____

4. Waaqayyoo maal kakuu galee(lakkoofsa 5)

   _____

5. Waaqayyo dursee maal dubbatee(lakkoofsa 6-7)?

   _____

   Kakuun Waaqayyo Abrahaamii wajjin gale maal turee (lakkoofsa 8)?

_____

Mee keessa deebina(lakkoofsa 8).

a. Ilmi isaa eenyuu?

_____

b. Mucaan mucaa isaa enyuu?

_____

c. Ijoolleen abaabilii isaa eenyuu?

_____

SHAAKALA: Lakkoofsa 9-19

1. Dubbisa kaka keessatti taattota keessaa inni jalqabaa eenyuu?

_____

2. Waaqayyo Yoofeefitti akkamiin of mul'isee(lakkoofsa 10)?

_____

_____

_____

3. Sababii beela sanaatiin maaltu ta'ee(lakkoofsa 11-16)?_____

_____

_____

4. Biyya Gibxitti mootiin kan biraa bulachaa ta'e. Fara'oon inni kun Yoosefiin hin beeku ture(lakkoofsa 18-19). Waa'ee isaa maaltu nutti himamee?

_____

_____

_____

SHAAKALA: Lakkoofsa 20-29

1. Taatota keessaa inni jalqabaa eenyuu(lakkoofsa 20)?

_____

2. Waa'ee jireenya isaa kan bara ijoollummaa isaa maaltu nutti himamee(lakkoofsa 20-22)?

_____

_____

_____

3. Lakkoofsa 23-25 keessatti yaadni dogoggoraa Museen qabu ture maalturee? Maaliifis Gibxii baqatee deemee(lakkoofsa 26-28)?_____

_____

_____

4. (Lakkoofsa 29) Museen erga nama tokko ajjeesee booda gara biyya Miidiyaanitti baqatee akka_____ tti achi jiraate.

Kutaa 3ffaa

SHAAKALLI ITTI FUFEERA: Lakkoofsa 30-37

1. Erga biyya Miidiyaan waggoota 40 jiraatee booda, utuu hoolota tiksuu Musee irra maaltu gahee(lakkoofsa 30 kaasee…)?

_____

_____

2. Waaqayyo dhiibba sana Isaa irra gahuu fi iyya isaanii dhaga'eera. Maal gochuu barbaadee(lakkoofsa 34)?

_____

3. Waaqayyo Museen akka maal hojjetu karoorsee?

_____

4. Museen _____ergamaa Waaqayyoo isa huuxxicha qoraattii keessatti itti mul'ateen, Israa'elootaaf _____ fi _____ akka ta'uuf ergameera(lakkoofsa 35b).
5. Museen Gibxiidhaa isaan baasee _____ fi _____ akka godhe nutty himameera (lakkoofsa 36).
6. .Museen saba sanaa Waaqayyo _____akka isaa isaan gidduudhaa akka kaasu saba sanatti hime(lakkoofsa 37).

SHAAKALA: Lakkoofsa 38-43

1. Museen "dubbii jiraataa" Waaqayyoon harkaa fuudhe saba sanatti dabarsu(lakkoofsa 38) illee, abbootiin isaanii akkamiin deebii kennanii(lakkoofsa 39-42)?
   a. Abboomamuu_____
      _____isa dabarsan.
   b. Yaadaan gara Gibxii_____.
2. Isaan maal waaqeffatanii(lakkoofsa 40-41)?
   _____
3. Waaqayyo maal isaaniif deebisee(lakkoofsa 42)?
   _____
   _____
   _____
4. Waaqayyos isaan baasee_____ irra fagaatutti_____(lakkoofsa 43).

SHAAKALA: Lakkoofsa 44-50

1. Lakkoofsonni kun waa'ee_____lafa onaa keessatti isaan biratti hafee dubbatu.Inni geggeessummaa _____ jalatti isaanii wajjin fidame.
2. Daawit Waaqayyoon maal gaafatee(lakkoofsa 46)?
   _____
3. Dhugumaan kan manicha, mana qulqullummaa, ijaare eenyu turee(lakkoofsa 47)?
   _____

   Yaadachiisa: Jechoonni Isxifaanos kan isaan argisiisan, geggeessitoonni Yihudootaa, offi isaanii, Waaqayyotti utuu hin ta'in, iddootti, keessumattuu mana qulqullummaatti hidhanii turan. Isa abboota isaanii biyya garbummaatii baase amanachuu dhiisanii seerrata isaanii fi shaakala mana qulqullummaatiin wal qabatan amanatan. Waaqayyo dhugumaan mana qulqullumaatti kan daangeffame miti! Yesuus warrri Waaqayyoof sagadan "dhugaa fi Hafuuraan Isaaf sagadu(Yohaanis 4:24)" jedhe. Dubbiin Yesuus garaa Yihudootaa tarsaasee,isaan waqa tolfamaa akka waaqeffatanu mul'ise. Isaan gara qalbii diddiirrannaa, isa cimsanii jibbaniitti waamamaa turan

SHAAKALA: Lakkoofsa 51-53

1. Isxifaanos waa'ee namoota isa hadheessanii maal jedhaa(Lakkoofsa 51-53)?

   _____

   _____

   _____

   _____

2. Jarri seera eegne/kabajne jedhan. Inni isaaniif sodaachisaa ture, hata'u malee lakkoofsa 53 keessatti maaltu nutti himamee?

   _____

   _____

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 7:54, 8:1:

SHAAKALA:

1. Waan Isxifaanos dubbatee deebiin angafa lubootaa fi kan namoota kaanii mal turee (lakkoofsa54)?_____
2. Isxifanos hoo? Maaltu xiyyeeffannaa isaa hawwatee(lakkoofsa 55-56)?

   _____

   _____

   _____

3. Lakkoofsa 57-58b keessatti maltu nutti himamee?

   _____

   _____

   _____

4. Utuu Isxifaanos guyyaa Yesuus fannifame jira turee namni in dinqisiifata. Yeroo dhagaan rukkutamaa turetti jechoonni inni dubbate maalii(lakkoofsa 59-60)?

   _____

   _____

   _____

   Jechoota Yesuus kan fannoo irraa yaadadhaa. Faarsaa Daawit 31:5 ilaalaa.

   _____

_____

_____

Kutaa 4ffaa

YAADA CALAQQISIISUU:

1. Isxifaanos wareegamaa isaa jalqabaa ta'ee du'eera. Inni nama ayyaanaa fi humni Waaqayyoo isa wajjin ture dha(Hojii Ergamootaa 6:8). Namoonni isaan mormanii fi kan ogummaa yookaan Hafuura Waaqayyo kan inni ittiin dubbachaa ture dura dhabachuu hin dandeenye(Hojii Ergamootaa 6:10). Wanti kun hundi ta'u illee, Isxifaanos in du'e; namoota inni Masicha, Kiristoosiin, Isa qajeelaa ta'e ajjeesuu isaaniitiin hadheessaa turetu dhagaan isa rukute(Hojii Ergamootaa 7:52): Yaada keessan barreessaa:

   _____

   _____

   _____

2. Lolli(waraanni) geggeeffamaa ture maalii? Waraanni miseensota mana sagadaa, maanguddoota/jaarsolii, barsiisota seeraa fi Isxifaanos gidduutii boba'aa ture maayinnii? Akka Hojii Ergamootaa 7:51 keessa jirutti , dhimmichi maal turee? " Ati

   _____

   _____

   _____!" Isxifaanos "Hafuura Qulqulluudhaan guutamee"

   _____

   _____

   ilaalee arge(Hojii Ergamootaa 7:55). Jireenyi Hafuura Qulqulluudhaan guutame Yesuusiin argee Gooftaa Isa jiraata ta'uu Isaa hubata. Hafuurri Qulqulluun waan _____ namaaf kennuuf, jireenyi Hafuura Qulqulluudhan mormu du'aa dha(2 Qorontos 3:6)! Wangeela Yohaannis 6:63-65 dubbisaa. Lakkoofsa 63 armaan gaditti barreessaa:

   _____

   _____

   _____

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Akka ani mata-jabeessaa fi kan naadni isaa hinjijjiramne ta'etti, kan garaan isaa fi gurri isaa dhagna hin qabanetti waa'een koo dubbatamaa? Akka ani Hafuura Qulqulluu mormutti yeroo hunda waa'een koo dubbatamaa? Yookiis akka Hafuurri Qulqulluun akka nakeessa jiraatee, garaa koo abboomamaa taasosee na keessaan karaa qabaatutti akkan Isa simadhetti waa'een koo dubbatamaa? Ani waa'ee ofii kootii malan jedhaa?

   _____

   _____

   _____

2. Hafuurri Qulqulluun na keessatti amantii hojjetee, akka ani Yesuusiin akka Gooftaa kootii fi fayyisaa kooti amanu na dandeessisa. Dhuga ba'umsi koo namoota kan biraa biratti mormamee akka gowwummaatti yoo ilaalame illee, kan Hafuurri Waaqayyoo namoota kaniif dhuga-baatuu akkan ta'utti humna naaf ta'e yoomii?

   _____

   _____

   _____

SEENSAINTRODUCTION: Hojii ergamuutaa 8 lakkoofsa jalqabaa keessatti akka nutti himametti, waldaa amantootaa Yerusaalem keessa jirtu irratti_____

_____namootni hundinuu_____

_____.Hojii Egamootaa 1:8 keessaa dubbii Yesuus yaadadhaa . Amma ega dhuga baatonni Isaa daangaa isaanii fi sadarkaa dhiibbaa isaanii Yerusaalem garasitti bal'ifachaa jiru. Hojii Ergamootaa 8:4 keessatti, waa'ee namoota bittimfamanii wanti tokko nutti himameera:

_____

Nmootni kun seenaa dubbatan qabu turan; seenaa kanas bakka deeman hudumaatti dubbataa turan!

Barnoota kana keessatti nama Filiiphoos jedhamuu wajjin wal barra. FIliphoos kun bartoota Yesuu kudha lamaan keessa hin jiru, garuu daaqoniyaa nama torbaan(Hojii Ergamootaa 6:5) sana keessaa ta'ee, nama guyyaa guyyaatti haadhotii iyyeessaatiif nyaata hiruudhaan ergamoota tajaajilaa tureedha(Hojii Ergamootaa 6:1). Inni nama _____-_____ maqaa gaarii qabu ture(Hojii ergamootaa 6:3).

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 8:4-8 dubbisaa.

SHAAKALA:

1. Namoota bittimaa'an keessaa tokko_____.Inni gara mandaraa _____keessa jirtuutti gadi bu'e. Naannoo kana kartaa Macaafa Qulqulluu keessanii gara boodaa irraa argisiisaa. Samaariyaan karaa Kaabaatiion biyya Israa'el, karaa Kibbaatiin immoo Yihudaa Galiilaan gidduutti akka argamtu yaadachuu dandeessu. Maqaan magala Samaariyaa keesaa kan Filiiphoos keessa turee nutti hin imamne. Yesuus, dhuga-ba'umsi Isaa Yerisaalem keessaa jalqabee gara Samaariyaatti akka deemu dubbachuu Isaa yaadadhaa(Hojii Ergamootaa 1:8).
2. Filiiphoos Samaariyaa keessatti maal hojjetee(lakkoofsa 5)?_____

   Filiiphoos Samaaariyaa keessatti, saba fuulduratti labsii Wangeelaa taasise. Akka inni magaalaa tokko keessa turee fi tuutni baay'een utuu inni Yesuus, Masiyicha labsuu dhaga'uun isaanii nutti himameera.
3. Waan Filiiphoos dubbatee fi hojjeteef deebiin tuuta sanaa maal turee(lakkoofsa 6)?_____

   _____

   _____
4. Mallattoon dinqisiisan baay'een inni hojjete maalfaa dhaa(lakkoofsa 7)?
   a. _____

      _____
   b. _____

      _____

      _____

5. Dubbichaa(Sagalee sanaa) fi fayyina sanaaf deebiin namootaa maal turee(lakkoofsa 8)?

   _____

   _____

   _____

Kutaa 5ffaa

BARSIISA: Hojii Ergamootaa 8:9-13 keessaati waa'een namicha Simoon jedhamuu nutti himameera. Simoon qoricha namtti gochuudhaan, namoota hundumaa waan dinqisiiseef, nammoonni "humna Waaqayyoo isa gudaa of keessaa qaba" jedhanii amanan. Qoricha namatti gochuu isaa waan dinqisiifataniif namoonni baay'een isa duukaa bu'uu itti fufan. Garuu, Filiphoos inni Sagalee Misiraachoo Wangeela Mootummaa Waaqayyoo fi Maqaa Yesuus Kiristoos lallabu in dhufe. Namootini lallaba isaa amananii cuuphaman. Simoon illee amanee akka cuuphame nutti himameera. Simoon milikkitaa fi dinqii arge sana baa'ee ijaa'ibsiifate. Boqonnaa kana gara boodaa irratti, Simoon waan arge dinqisiifatee,namoonni iini harka isaa isaan irra kaa'e Hafura Qulqulluudhaan akka guutamanuuf, humna Hafuura Qulqulluu bitachuudhaaf qarshii fidee dhuun isaa nutti himameera. Pheexiroosii fi Yohaannis Yerusaalemii gara Samaariyaa dhufaniiru. Pheexiroos, Simoonitti maal dubbatee(Lakkoofsa 20-23)?

1. Lakkoofsa 20:

   _____

2. Lakkoofsa 21:

   _____

3. Lakkoofsa 22:

   _____

4. Lakkoofsa 23:

   _____

Deebiin Simoon maal turee(Lakkoofsa 24)?

_____

YAADA OFII CALAQQISIISUU:

1. Simoon biratti waan ta'aa jiru utuu hin ubatin itti fufuu hin dnadeenyu. Simoon qoricha namatti gochuu shaakale. Inni xibaaraa fi qoricha namatti gochuutti gargaaramee ofii

isaatiif maqaa guddaa argachuu barbaade. Akka guddaa ta'etti of bokokse. Inni ulfina namoonni isaaf kennaniin xiyyeeffannaa isaaf kennanii, "Namich kun humna Waaqayyoo isa guddaa of keessaa qaba" jedhanitti waan milkaa'ee itti fakkaate. Hamma Filiiphoos gara mandarattii dhufee Wangeela lallabee milikkita(mal'attoo) gurguddaa baay'ee hojjetutti, hojiin Simoon gaarii fakkaatee itti fufee ture. Fedhiin Simoon, humna isaa isa sobaa sana irratti, humna Filiiphoosii fi Pheexiroos irra ture qarshiidhaan bitee dabalachuu barbaade. Pheexiroos aariidhaan, Simooniin kennaan Waaqayyoo qarshiidhaan(horiidhaan) bitamuu hin danda'u jehdeen. Pheexiroos akka Simoon rakkina garaa(yaadaa) gabu addaan baase. Garaan Simoon fuula Waaqayyootti qajeelaa hin ture. Itti fufee gara qalbii diddiirrannaatti(yaada garaa geeddarachuutti) isa waame.

2. Waa'ee warra qoricha namatti godhanii fi warra xibaartuu maal beektuu?

   _____

   _____

   _____

3. Pheexiroos, Simooniif nama hamaa turee? Pheexiroosii fi Yohaannis waa'ee harka nama irra kaa'uu akkamitti ilaalu
   turani?_____

   _____

   _____

   _____

4. Simoon gama isaatiin, harka nama irra kaa'uu akkamitti ilaala turee?

   _____

   _____

   _____

GAAFFII YAADAA: Jireenya nama Hafuura Qulqulluu fi ogummaadhaan guutamee keessatti, qoricha namatti gochuun iddoo maalii
qabaa?_____

_____

_____

_____

_____

BARNOOTA JAHAFFAA

DEEMAA!

HOJII ERGAMOOTAA 8-9 – FILIIPHOOS, NAMICH XU'AASHI FI SAA'OL

ARGISIISTUU BARNOOTA 6^{FFAA}

Argisiituu

Seensa

Barnoota 6^{ffaa} : Hojii Ergamootaa 8-9

- Filiiphoos namicha Xuwaashiitti ergame
- Utuu karaarra jiruu
- Yaada calaqqisiisuu fi Hojii irra oolchuu
- Saa'ol Yesuusiin wal arguu isaa
- Anaaniyaan ergamuu isaa
- Ergama Saa'ol

DEEMAA!

SEENSA

"Deemaa!" Maal jechi xinnoon humna guddaa qabu kun! Gara macca hundumaa deemaa. Dhaqaa bartoota koo godhaa. Gara Kibba Gaaza deemaa. Dhaqii konkolaataa sanaa wal argi. Gara karaa isa qajeelaa/sirrii jedhame sanaa deemi. Deemi, inni meeshaa Koo filatamaa dhaa. Deemaa/dhaqaa! Yesuus akka bartoota Isaatti dubbatetti, "Akka Abbaan Koo Na erga, Anis akkasuma isninan ergaa." "Amma deemaa!" jedhee itti dabaluu dnada'a ture.

Itti gaafatamummaan keenyaa fi deemsi keenya wal fakkaataa dha. Yesuus namoota duuka buutota Isaa taasisuuf , namootaan karaatti wal arguuf- akkuma yeroo Yerikoo keessa darbee, yookaan Yeroo Samaariyaa keessa darbuun dirqama itti ta'e- akka isaan meeshaa Isaa warra namoota hundaaf fayyina fiduuf filatamaan isaan gochuuf Abaadhaan ergame.

Yeroo barnoota kana keessa deemtanu, isiniinis yeroo Inni "Deemaa!" jedhu jireenya keessaniif hiika maalii akka qabu yaada. Ani sagalee Tiksee kootii dhaggeeffadhee akkas jedhee deebisafiin jiraa, "Kuno asin jiraa! Na ergi! Na ergi!"? Filiiphoos carraa nama tokko gara Yesuusitti fiduuf argateef galateeffachaa gara konkolaataa fardeenii sanatti fiige. Namich Xuwaashiin sun mucaa Waaqayyoo kan dhiifa cubbuu isaa argate ta'uu isaa gammadaa karaa isa irra deeme. Akkasumas, Saa'ol jijjiiramee, agartuun isaa deeb'ee fii deebii waamicha karaa Anaaniyaa isaaf godhameetiif, ergama "Deemi!" fudhate.
Yeroo qo'attan, sagalee Tiksee keessanii, utuu Inni akkas jedhuu dhaggeeffadhaa, "Akka Abbaan Koo na erge, Anis akkasuma isinan erga."

DEEMAA!

BARNOOTA 6FFAA

Kutaa 1ffaa

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 8:26-40 dubbisaa.

SHAAKALA:

1. Itti fufee, Filiiphoos eessatti ergamee(lakkoofsa 26)?

   _____

   _____

   _____

2. Filiiphoos ni ergame. Akka deemu ergamaa Waaqayyo Gooftichaatu isatti dubbate! Kanaaf, deemsa jalqabe. Filiiphoos ni abboomame. Deemsi Yerusaalemii amma Gaazaatti gara Maayilii 50 ture. Filiiphoos eenyuun argee(lakkoofsa 27)?

   _____

   _____

   _____

   _____

3. Waa'ee eenyummaa namicha kanaa ibsi baay'ee bal'aan nuu kennameera. Namichi kun eessa turee? Yeroo Filiiphoos isa arge maal hojjechaa turee?_____

   _____

   _____Namich kun nama ormaa(nama warraYihudootaa keessaa hin taane), beekamaa, kan Waaqayyoon sodaatu ture.

4. Ammas, Filiiphoos in ergame. Hafuurri Qulqulluun Filiiphoositti maal dubbatee(lakkoofsa 29)?

   "_____

   _____

   _____"

5. Kana booda Filiiphoos gara konkolaataa sanaatti_____ nama _____ raajichaa dubbisu_____

6. Filiiphoos maal isa gaafatee(lakkoofsa 30)?

   _____

7. Namich Itoophiyaayichi snis akkas jedhee deebiseef (lakkoofsa 31):

   _____

   Kanaaf namichi Filiphoosiin ofitti waamee akka inni konkolaataa isaa keessa isaa wajjin taa'u gaafate(lakkoofsa 31). Namichi maal dubbisaa turee(lakkoofsa 32-33)? Inni eessatti argamee?(wabiilee qaxxaamuraa yookaan yaadannoo gara jalaa ilaalaa.)

   _____

   _____

8. _____

   Kana irratti Filiiphoosiin gaafate,

   "_____

   _____

   _____."

9. Filiiphoos namicha waa'ee Yesuus barsiisuu eessatti jalqabee(Lakkoofsa 35)?

   _____

   _____

   _____

10. Utuu deemaa jiranuu, iddoo _____ tooko gahan. Namichi maal gaafatee(lakkoofsa 37)?_____

11. Akka konkolaatichi dhaabatu abboomee innii fi Filiiphoos keessa bu'anii gara_____ itti gad bu'anii, Filiiphoosiis namicha _____(lakkoofsa 38).

12. Lakkoofsa 39 keessatti waa'een Filiiphoos maaltu nutti himamee?_____

    _____

13. Namich Xuwaashichi karaa isaa gara _____ deeme. Tajaajila Filiiphoos isa magaalaa Samaariyaa keessatiif deebii namoonni kennan yaadadhaa(lakkoofsa 8). _____ gudaatu ture.

14. Sana booda Filiiphoos Azaaxoonitti argame. Azaaxoon mandaraa Iyyoophee fi Gaaza giduuti argamtuu dha. Lakkoofsa 40 keessatti akka nutti himametti, Filiiphoos, "biyyicha keessa naanna'ee_____hundumaatti

Wangeela_____
..."

15. Dabalataan waa'ee hojjetaa Wangeelaa Filiiphoos, Hojii Ergamootaa 21:8-9 keessatti maal barannaa?

_____

_____

_____

YAADA OFII CALAQQISIISUU:: FIliphoos ergamee deeme. Inni hojjetaa Wangeelaati. Karaa gara Kibbaa Yerusaalem irraa gara Gaazaatti geessu irra akka qajeelu malee wanti biraa baay'een isatti hin himamne. Kanaafis, abboomanee deemsa jalqabe(lakkoofsa 27).Ittifufee, jecha barbaachisaa, "…ka'ee dhaqe…" tokkotu dhufa. Yeroo nuti karaa keenya irra jirru, Waaqayyo yeroo meeqa akka iinni ergama yookaan hojii nuuf qabu yeroo yadu namni kam iyyuu dinqisiifachuu hin dhiisu. FIliphoos Waaqayyo akka isa erga amanee jiraate. Shakkii tokko malee Waaqayyo akka isa erga amanuun isaa, carra Waaqayyo akka inni waa'ee Yesuus dhugaa bahuuf isaa kennetti gargaarumuuf damaqinaan isa eege.

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Yeroon jireenya koo illaalu, akka nama Waaqayyo ergeetti jiraachaan jiraa Guyyaa guyyaatti , yeroon namaa wajjin "konkolaataa" keessa taa'u carraa argametti fayyadamee waa'ee jaalala Waaqayyo, Yesuus Kiristoos keessaan isaaniif qabuu na dubbadhaa?

_____

_____

_____

2. Yeroon "karaa koorra jiru" guyyaa guutuu hojii guyyaa guyyaa geggeessaa, wal gahii hirmaachaa,namootan wajjin hojjedhu waliin dubbachaa, ijoollee wajjin, miseensota maatii waliin waa'ee Yesuus bubbachuuf yeroo koo nan kennaa, yookiis jireenyi koo waa'ee kana hojjedhuu, sana hojjechuu giyyaa guyyaa isa karaa kamiinuu hojjetamuu danda'uun qabamtee jirtii? "Karaa koo irratti" yeroo Hafuurri Qulqulluun na geggeessu akkan dhaga'ee, akkan hojjedhuuf "karaa koo" irratti na kakaasuu akka danda'utti jireenya koo keessaa maal jijjiiramuu

barbaadaa?_____

_____

_____

_____

Kutaa 2ffaa

YAADA OFII CALAQQISIISUU:

Iddoo tokkotti Filiiphoos gara konkolaataa namicha Xu'aashii tokkootti, bakka namichi sun akka barsiifata bara sanaatti, sagalee isaa ol fudhatee dubbisu tokkootti ergamuu isaa ni beeka. Filiiphoos gara konkolaataa sanaatti fiigee, utuu manichi Macaafa Isaayyaas raajichaa 53 dubbisuu dhaga'uun isaa nutty himameera. Filiiphoos gaaffii, "Waan dubbisaa jirtu kana in hubattaa?" jedhuun namichatti dhiyaate. Filiiphoos waa'ee carraa nqamicha kana Yesuusii wajjin walitti fiduuf argatetti gargaaramuuf baay'ee fedha guddaa godhate. Filiiphoos namichaa wajjin konkolaataa sana keessa taa'uuf qophaa'aa dha.

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU :

1. Filiiphoos namaicha kanaa wajjin waa'ee Yesuus hirmaachuuf fedhii akka ijoollee inni qabaatee, namichi kun Sagalee macaafa Isaayyaas Raajichaa 53 keessa jiru kana, kan sagalee Misiraachoo waa'ee Yesuusin wal qabatu kana akka inni hubatu gargaaruuf jedhu mee yaadaa. Ani namootaa wajjin konkolaataa isaanii keesa taa'ee, waa'ee Yesuus dubbachuuf hagamin fedha qabaa? Ani biyya lafaa kana keessaatti Sagalee Misraachoo hunda irra caalun of harkaa qaba. Eenyutti himuun danda'aa? _____-

   _____

   _____

2. Filiiphoos akkas jedhee gaafate, "Isa dubbistu kana in hubattaa?" Maal gaaffiin gudaan akkasii kun! Mucaa Seenaa Macaafa Qulqulluu keessaa dubbisu/dubbistu, "Isa dubbisaa jirtu in hubattaa?" jettanii gaafattanii beektuu? Isin, hiryaa keessan, nama waliin hojjetanu, barataa, "Isa dubbisaa jirtu kana in hubattaa?" jettanii gaafatanii beektuu? Yaa Gooftaa, Hafuura Kee Qulqulluu gara namoota kaaniitti fidee, hubannaa dubbii keetti akka waliin guddannu, fedha guddaa isaa ana keessatti uumi.

   _____

_____

_____

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Itti fufnee lakkoofsa 35 keessatti akka nutty himametti, Filiiphoos, kutaa Macaafa Qulqulluu isa namich duraan dubbisaa ture irraa jalqabee Sagalee Misiraachoo waa'ee Yesuus isatti dubbate. Bakka namichi ture irraa eegale. Filiiphoos namicha gara sadarkaa inni itti ol ka'uu qabutti ol kaase utuu hin ta'in, bakkuma namichi jirutti isa fudhatee, iddoodhuma sanatti, namich Yesuusiin wajjin walitti qabsiisuu jalqabe.

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Ayyaani Waaqayyoo keenyan mana hidhaa cabse. Ayyaanni Isaa garaa jabaa isa shaakalaa fi hariiroo durii keessatti qabame birmaduu birmaduu baasa. Ayyaanni Isaa jibbaa, hammeenya, shakkii fi wal loluu gidduu gala. Ayyaanni Waaqayyoo bakkuma isaan jiranitti, kan isaanii ta'uu isaa karaa kamiinan namoota kaanitti himaa?

   _____

   _____

   _____

   _____

2. Karaa isaanii keessatti, akkuma isaan jiranuttii fii bakka isaan jiranutti isaan simadhee, har'a akkamiinan jaalala namoota tokkof fidaa?

   _____

   _____

   _____

YAADA OFII CALAQQISIISUU: Gara xumura seenaa kanaa keessatti, lakkoofsa 39b irratti, manich xu'aashiin sun gammadaa karaa isaa akka deeme dubbisneerra. Filiiphoos namich xu'aashii "karaa isaa irratti" isa arge. Amma Xu'aashich "karaa isaa" irra jira. Yeroo inni gara manaa isaatti, Itoophiyaatti galuuf "karaa isaa" irra bu'e Waaqayyo eenyuun akka isaaf fide name dinqisiifatee gaafachuu danda'a. Guyyaa sana, Hafuurri Waaqayyoo, Filiiphoosiin gara jireenya isaatti fide. Amma egaa Waaqayyo namicha xu'aashii kanas ergama walfakkaatu itti kennee isa erga. Namichi kun gammadaa karaa isaa irra akka bu'es nutti himameera! Namni

gammachuu shaakalaa jiru tokko, waan argamee fi dhaga'ame dubbachuu obsuu hin danda'u(Hojii Ergamootaa 4:20). Yaadachiisa: Seenaan kan nutti himu,amantii Kiristaanaa biyya Itoophiyaa galee, waldaan Kiristaanaa kan hundeeffamte baay'ee dursee akka ta'eedha. Namoonni baay'een akka amananutti, waldaan kiristaanaa kan eegalame sababii namichi kun biyyatti deebi'ee dhugaa ba'eef akka ta'eedha. Waaqayyo nama tokko qofatti illee gargaaramee waan baay'ee guddaa ta'e jalqabuu danda'a.

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU: Amma yeroo madaallii ilaalchaati: Ilaalchi koo waa'ee gammachuu akkamii? Guyyoota koo keessatti gammadeen jiraachaa jiraa? Yaa Waaqayyo Gooftaa koo, garaa koo faarfannaa galataa fi dinqisiifannaatiin guuti!

_____

_____

_____

_____

_____

Kutaa 3ffaa

SEENSA: Haasaan Macaafa Qulqulluu keessatti galmeeffame keessaa kan baay'ee nama dinqisiisu tokko namicha Saa'ol jedhamu tokko irra kan ga'eedha. Waa'ee namich kanaa jalqaba irratti Hojii ergamootaa 7 keessatti dubbisna. Lakkoofsa 58 akka dubbatutti, namoonni Isxifaanosiin dhagaadhaan rukutanii ajjeesan uffata isaanii miila dargaggeesa_____ jedhamuu jala kaa'an. Inni du'a Isxifaanos dhugaa ba'ee, Hojii Ergamootaa 8:1 keessatti, Saa'ol _____. Itti fufnee Hojii Ergamootaa 8:1, 3 keessatti waa'ee ari'atamuu guddaa waldaa Kiristaanaa irratti ta'ee baranna. Ari'ama geggeeffamaa ture sana ibsaa._____

_____

Hanga Hojii Ergamootaa 9 keenutti , waa'een Saa'ol kan biraa humtuu nutti hin himamne.

ABBALTII: Hojii Ergamootaa 9:1-19atti dubbisaa. Wabiileen waa'ee haasaa isaa, Hojii Ergamootaa 22:3-16 fi Hojii Ergamootaa 26:9-18 keessatti galmeeffameera.

SHAAKALA:

1. Saa'ol ta'e jedhee, itti yaadee bartoota Gooftaa irratti wanta hamaa hojjechaa ture. Waa'ee isaa maaltu nutti himamee(Lakkoofsa 1)?

   _____

   _____

2. Hangafa lubootaa irraa maal fudhatee(lakkoofsa 2)?

   _____ Akkasumas , kaayyoo maaliitiif fudhatee?

   _____

   Yeroo Saa'ol gara Damaasqootti dhiyaate maaltu ta'ee(lakoofsa 3)?

   _____

3. Farda isaa isa darbattee hin beeknu garuu, wanti nuti beeknu, "inni_____ akkasuma utuun Inni_____ ittiin jedhuu _____ dhaga'eera"

4. Deebiin Saa'ol maal turee(Lakkoofsa 5)?

   _____

   Deebiin isaa hoo maalturee?_____

   _____

5. Maal akka godhu abboomamee(Lakkoofsa 6)?

   _____

   _____

   _____

6. Deebiin hiryoota Saa'ol kan isaa wajjin karaa sanarra deemaa turanii maal turee(lakkoofsa 7) ?

   _____

   _____

   _____

7. Saa'ol yeroo lafa itti kufee ka'u haala akkamii keessa turee(lakkoofsa 8)?

   _____

8. Hiryoonni isaa " harka isaa qabanii isa geggeessanii"
   gara_____itti isa geessan.
   _____.
9. Waa'ee guyyoota sadan itti aananuu maaltu nutti himanee(lakkoofsa 9)?
   _____
10. Lakkoofsa 10 keesatti duuka buutuu Anaaniyaa jedhamuu wajjin wal barra. Gooftaan mul'ataan gara isaa dhufe. Anaaniyaan eessatti ergamee(lakkoofsa 11)?
    _____
    Eenyuun gaafachuu jiraa?
    _____
    Maal gochuuf jedha turee?
    _____
11. Anaanniyaa wanta akka hojjetuuf Goofitich isa gaafatetti in rakkate(Lakkoofsa 13-14):
    _____
    _____
    _____
12. Gooftaan akka inni deemu isa dirqisiise! Waaqayyo waa'ee Saa'ol maal isatti mul'isee (lakkoofsa 15-16)?
    _____
    _____
    _____
13. Anaaniyaan abboomamee gara Saa'ol ture deeme. Inni harka isaa isa irra kaa'e (lakkoofsa 17).
    a. Anaaniyaan eenytu ana erge jedhee?
       _____
    b. Maaliif ergamee?
       i. _____
       ii. _____
14. Itti fufee maaltu ta'aa (lakkoofsa 18-19)?

a. _____

_____

_____

b. _____

_____

_____

c. _____

_____

_____

YAADA OFII CALAQQISIISUU:

1. Waa'ee jijjiiramuu Saa'ol kana irratti yaada keessan yeroo calaqqisiistan, yaadni battala sanatti gara sammuu keessanii dhufu maayinnii?_____

   _____

   _____

2. Jijjiirama jireenya nama Isa mormuu keessatti Waaqayyo fiduuf jiru tilmaamuun rakkisaa dha. Seenaan Saa'ol akkasi. Inni hafuura sodaachisaa ajjeechaa baafataa, namoota Maqaa Gooftaatiin waamaman hunda hidhuu fi waldaa Kirstaanaa diigee balleessuuf baboon isaaf kennamee deemaa. Inni nama baay'ee cimaa fakkaata ture, garuu ifni waaqa irraa itti balaqqeessa'ee, lafatti kufee ijji isaa jaamee of argee, sagalee salphaadhumatti akkas jedhee gaafatu dhaga'e " Saa'ol, maaliif Na ar'ataa?" Yesuus gara Saa'ol dhufee, Saa'ol yeroo saba Waaqayyoo ari'atu, yeroo waldaa Isa ari'atu, Waaqayyoon ari'achaa akka ture, isantti hime.
3. Egaa Gooftaan salphatti, maaliif jedhee isa gaafate.
4. Itti fufee abboomiitu dhufe… Ka'ee akka inni gara Damaasqoo dhaqu itti dubbate. Amma itti gaafatamaan jireenya Saa'ol eenyu dhaa? Humna seeratiin gara magalaatti galuun hafee, amma ayyaana Waaqayyootiin garraamii ta'e. Homaa arguu hin danda'u. Namoota waan jedhan wal'aalanii achi dhaabatan irratti hirkataa ta'eera. Kanaaf isaan harka isaa qabanii isa geggeessan. Amma guutummaatti of dadhabee/saaxilamee, waa'een isaa gara-laafina/oo'a namoota isaa geggeesanii irra ta'eera. Gaaffii: Yeroon

ani akka kanaa itti of dadhabe jiraa? Akka kana ofii koo hirkataa ta'ee of argee beekaa?

_____

_____

_____

5. Yeroo wal fakkatutti, Damaasqoo keesssa namni Anaaniyaa jedhamu, duuka buutuun Yesuus kan ta'e tokko ture. Yeroo Gooftaan mul'ataan gara isaa dhufe, Anaaniyaan hojii dhuunfaa ofi isaa hojjechaa akka ture tarii namni tilmaamuu danda'u jira ta'a. Ammas deebinee jecha salphaa, "Deemi!" jedhu dubbisna. AnaaniyaaWaaqayyotu gara gara Saa'olitti erge. Akka Yaada Anaaniyaatti, gar asana deemuun gaarii akka mana hidhaatti of erguuti. Kan isa erge Waaqayyo ta'uu adda baafachuuf waan Anaaniyaan godheef eenyu iyyuu isa hadheessuu hin danda'u. Egaa Waaqayyo,sagalee "Deemi!" jedhuun irra deebi'ee isaaf mirkaneesse. Itti fufee, Waaqayyo kuusaa Isaa keessaa waan Saa'ol, isa meeshaa Isaa, kan Maqa Isaa Yihudootaa fi ormoota duratti, mootota duratti illee baatu ta'uuf filame, akka ta'e Anaaniyaatti hime. Dabalataanis, gidiraa Saa'ol maqaa Waaqayyoof jedhee fudhachuuf jiru, Anaaniyaatti argisisuuf jedha. Ananiyaan deemee Saa'oliin, akka inni arguu fi Hafuura Ququlluudhaan akka guutamuf akka gara isaatti ergame itti hime.

JIREENYAAN HOJII IRRA OOLCHUU:

1. Tarii isinumti, yookaan namni isin beektanu tokko, kan ijji Hafuuraa isaa jaamaa ta'e, namoota Maqaa Yesuus baatanu ari'achuuf murteesse jira ta'a. Utuu Yesuus, "_____ maaliif na ari'attaa" jedhuu yeroo dhaggeessan sammuu keessan keessa maaltu naanna'aa.

_____

_____

_____

2. Namni Gooftaan gara jireenya keessanii fidee, itti gargaaramee akka inni wantoota kan Waaqayyoo ta'an ija Hafuuratiin ilaaluu isin dandeessisu eenyuu?

_____

Anaaniyaan, akka Saa'ol Hafuura Qulqulluudhaan guutamuuf ergameera. Hafuurri Qulqulluun karaa Dubbii Gooftaa, Sagalee barreeffamaa fi Dubbii afaaniintiin, ni dhufa. Hafuurri Qulqulluun dhufee, guutummaa Ofii Isaatiin nu guuta. Nama ijji Hafuuraa isaa

banamee fi kan Hafuura Qulqulluudhaan guutame akka taatanutti, akka Gooftaan karaa Dubbii Isaa fi karaa Namoota Isaa gara keessan akka dhufe kadhadhaa._____

_____

_____

_____

_____

Kutaa 4ffaa

GADI QOTUU(GADI FAGEENYAAN XIINXALUU): Itti fufuu keenya dura, 2 Qorontoos 11:21b-29 akka dubbistan isin jajjabeessina.

1. Lakkoofsa 22-23a: Phaawulos (Saa'ol) waa'ee ofii isaa eenyu akka ta'e dubbataa?
   a. _____
   b. _____
   c. _____
   d. _____
2. Lakkoofsa 23b-25: Phaawuloos Wangeelaaf jedhee waan keessa darbe maal nutti himaa?
   a. _____
   b. _____
   c. _____
   d. _____
   e. _____
   f. _____
3. Lakkoofsa 25b-29: Wantootni kan biraa kan nuti waa'ee Phaawuloosii fi waa'ee balaa fi rakkina inni keessa darbee barannu maalii?_____

   _____

   _____

   _____

   _____

SAMMUTTI (YAADAAN QABACHUU) Hojii Ergamootaa 9:16 keessatti, Gooftaan, akka Saa'ol waa'ee Maqaa Isaatiif gidiraa baay'ee keessa darbu Anaaniyaatti hima. 2 Qorotoos 11 keessatti, gidiraa Saa'ol keessa darbe keessaa muraasni nutti himameera. Saa'ol inni booddee Paawuloos jedhee waamame kun garuu, sababii gidirra keessa darbeetiif Waaqayyotti dugda utuu hin gatin(Waaqayyo irraa utuu hin deebi'in), waa'ee ari'amuu, waa'ee gidiraa fi waa'ee qoraatti dhagna isaa keessaa isa waraanuu(2 Qorontoos 12:7 kaasee) keessatti illee humni Waaqayyoo jireenya isaa keessatti hojii irra akka jiru dubbate.Lakkoofsa 9 keessatti waan Gooftaan isatti dubbate barreessaa.

_____

_____

_____

_____

_____

1. Deebiin Paawuloos maalii(lakkoofsa 9b-10)?

   _____

   _____

   _____

   _____

2. Lakkoofsa 9b, mana kitaabaa yaadannoo samuu keessanii keessa keewwachuu keessan mirkaneeffadhaa.Lakkoofsicha kaardii indeeksii(yaadannoo) keessan irratti barreessaatii, akkauma Phaawuloos, nutis dadhabbii keenya fi haala rakkisaa keessatti, sababii yeroo dadhabbii keenyaa Gooftaan nujabeessuuf, akka yaadattanutti, akka gammadanuttis, barreessaa.

KADHANNAA: Yaa Gooftaa, yeroo tokko tokko ani akka Saa'ol natti dhaga'amee, si loluu akkan fedhu na taasisa. Siin mormuu koo naaf dhiisi. Mata jabeessa ta'uu koo narra cabsiitii harka Kee jaalala keessa nafidi. Jabeessii na qabi. Amantii Hafuurri Kee Inni na keessa jiraatu nakeessatti uumeen cimee akkan dhaabadhu na eegi. Yaa Gooftaa koo Yesuus, fedhe kootiin, gammachuudhaan, qophiidhaan, bakka ati na ergite hudumaa dhaqee jaalala Kee namoota kaaniif hiruu akkan danda'u na taasisi_____

_____

_____

_____

_____

CUFIINSA(XUMURA): Boqonnaan, Hafuura Waaqayyoo, Humna Keenay jedhu kun- Kutaan 1ffaan jijjiiramuu Saa'oliin xumurama. Saa'ol meeshaa Isaa ta'ee Maqaa Gooftaa Ormootatti(warra Yihudoota hin ta'initti), moototatti fi ijoollee Isara'elitti akka geessuuf Waaqayyoon foo'atameera. Waa'ee Wangeelaatiif ari'ama keessa darba. Xumura kutaa 1ti dhufneerra. Kutaa 2ffaa- *Jaalala Waaqayyoo, Jireenya Keenya*-kan jedhutti ceetanii akka jalqabdan isin jajjabeessina!